# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA AYYAANA BOORANTICHAA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA KUYYUU

**DACHAASAA GAMMACHUU WAAQJIRAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIN GUUTTACHUUF DHIYAATE YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORITIIF KAN DHIYAATU**

**HAGAYYA 2011/ 2019**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA ADEEMSA SIRNA AYYAANA BOORANTICHAA GODINA SHAWAA KAABAA AANAA KUYYUU

DACHAASAA GAMMACHUU WAAQJIRAATIN

GORSAAN: DASTAA DASSAALANY (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFO OGBARRUU BARSIISUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

YUNVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE

HAGAYYA 2011/2019

FINFINNEE

**Yunvarsiitii Addis Ababaa Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisun guuttachuuf Dachaasaa Gammachuu Waaqjiraa Mata duree: *Qaaccessa Adeemsaa Sirna Ayyaana Boorantichaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu* irratti kan xiyyeeffate sadarkaa madaallii yunvarsiitiin kaa'e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa___________________________________Mallattoo__________Guyyaa ____________

Qoraa  keessaa _______________________________Mallattoo __________Guyyaa ____________

Gorsaa _____________________________________Mallattoo __________Guyyaa____________

Itti gaafatamaa Muummee ykn Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

_______________________________________________________________________________

# *Axereeraa*

*Qorannoon kun '**qaaccessa Adeemsa Sirna Ayyaana Tiksaa Boorantichaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu'** irratti xiyyeeffata. Kaayyon qorannichaas adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa qaaccessuudha. Ka'umsi qorannoo kanaa ayyaanni Boorantichaa uummata Oromoo biratti dagatamaa waan dhufeef dhaloonni dhufu aadaafi safuu isaa akka hin daganne bu'uura kaa'ufi. Malli qorannichaa mala qulqullaa'inaa (akkamtaa) yoo ta'u, tooftaalee iddatteessuu darbaa dabarsaatti fayyadameera. Maloonni funaansa ragaalee qorannichaaf hojiirra oolan af-gaaffiifi daawwannaadha. Ragaaleen maloota kanaan walitti qabaman ammoo tooftaa qorannoo ibsaa fayyadamuun qaacceffamee jira. Adeemsa kana hordofuun hojii qorannoo kanaan argannoowwan bira ga'aman sirni kabaja ayyaana Boorantichaa waqtiilee Birraafi Arfaasaa kan raawwatuufi dhangaan Ayyaana Boorantichaa kanneen akka biddeena,nuugii daabboo, farsoo,daadhii,damma,fi foon kan qophaa'u ta'uu isaati. Yaboo qorannoo kanaatin xiyyeeffannoon barbaachisaa ta'e akka kennamuufi qabu akeekni ijoo ta'e kennameera. Kaayyoon qorannichaa immoo Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu Qaaccessuudha. Fakkoommiwwan sirnicha keessatti mul'atan akaakuuwwan fookloorii gurguddoo arfan kan bu'ureeffatan yommuu ta'u, isaanis afoola, duudhaa hawaasaa, meeshaa aadaa fi aartii duudha fa'i. Yaboon qorannichaa immoo kabajni duudhaa sirna Boorantichaa hawaasichaan jaalatamaa tahe kun dagatamaa waan jiruuf yeroo yerootti qorachuufi kunuunsuun bifa safuu hawaasaa eegee dhalootaa dhalootatti akka darbu kallattii qabsiisun akka itti fayyadaman gochuun gahee waajjira aadaafi turiizimii aanichaafi dammaqina hawaasa hundaa gaafata.*

# Galata

Duraan dursee waraqaa qorannoo kana adeemsa deemamuu qabu eegee akka hojjetamu yeroo garaagaraatti nuffii tokko malee yaadaafi ogummaa isaanitiin wixinee irraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti gorsaafi yaadaan kan na wajjin dhama'aa turan Dr, Dastaa Dassaaleny hedduun galatoomfadha.

Hamman qorannoo kana galmaan ga'uuf waggaa tokko guutuu dhama'aa turetti, haala garaagaraa naaf mijeessuun qofa osoo hin taane, leeccalloo garaagaraafi maallaqaan na deeggaruun kan na wajjin dhama'aa turte hiriyaa too Amaarech Habteetif gallannin ani qabu onnee koo irraayi.

Itti aansunis maatii koo bu'aa bahii baayyee keessa amman darbee har'a gahutti dhamaatii guddaa naaf taasisaniif galata guddaan isaanif galcha.

Kana malees ogummaa kompiitaraa qabduun qorannoo kana barreessudhaan kan nagargaaraa turte durbee Sannaayit Atlaw guddaan galatoomfadha.

## Hiika Gabaajewwanii

Fkn = Fakkeenyaf

Kkf = Kan kana fakkaatan

Lakk = Lakkoofsa

G/Gurraacha = Garba Gurraacha

H/Carii = Haliiluu carii

D/Hacoo = Dirree Hacoo

D/Agaloo = Dubbannaa agaloo

L/Kuraa = Liiban Kuraa

S/Ceekaa = Somboo Ceekaa

D/Daannisaa = Darroo Daannisaa

J/Qeerransaa = Jilaa Qeerransaa

## Hiikaa Jechootaa

Afuura = Amantaa

Ruuda = Samii

Unkoolaa = Buqqee farsoo ittiin dhugan

Folk = Garee Hawaasaa

Nabi =  Ergamaa waaqaa

Labata = Dhaloota

Ciicoo = Xuwwee

Qoloo = Lafa

Oytee = Okkotee

Ayyaantuu = Nama waaqayyoon kennaa wayii kenneef

Taaboree = Ayyaana ukee/ijoollee

Gijaaree = Ayyaana jaarii

Urgooftuu = Dhungiigii

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

*Axereeraa* ........ i
Galata ........ ii
Hiika Gabaajewwanii ........ iii
Hiikaa Jechootaa ........ iv
Baafata ........ v
Tarree Gabateewwanii ........ ix
Baafata Suurawwanii ........ x
**BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1**
1.1. Seen-duuba ........ 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ........ 2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 3
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 3
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 3
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 4
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 4
1.7. Qindoomina Qorannichaa ........ 5
1.8. Waa'ee Hawaasa Naannoo Qorannichaa Amma Tokko ........ 5
**BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ........ 11**
2.1. Fookloorii ........ 11
2.1.1. Afoola ........ 13
2.1.1.1. Afseenaa (Oral Narative) ........ 15
2.1.1.2. Afwalaloo ........ 15
2.1.1.2.1. Afwalaloo Haamileessaa ........ 15
2.1.1.2.2. Afwalaloon Faarsaa ........ 16

2.1.1.2.3. Afwalaloo Boo’ichaa ........ 16
2.1.1.2.4. Afwaalaloo Amantaa ........ 16
2.1.1.2.5. Afwalaloo Addaa ........ 17
2.1.1.2.6. Afwalaloon Miiroo ........ 17
2.1.1.2.7. Afwalaloon Siyaasaa ........ 17
2.1.1.2.8. Afwalaloo Uruursa Daa’immanii ........ 17
2.1.1.3. Qareeyyii (Witticism) ........ 17
2.1.2. Meeshaa Aadaa ........ 18
2.1.2.1. Hojiiwwan Harkaa ........ 18
2.1.2.2. Ogummaa Aadaa ........ 19
2.1.2.3. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii (Folk Food and Drink) ........ 19
2.1.2.4. Uffannaa Aadaa ........ 19
2.1.3. Aartii Sochii Qaamaa ........ 20
2.1.3.1. Muuziqaa Aadaa ........ 21
2.1.3.2. Sochii Qaamaa ........ 21
2.1.3.3. Diraamaa Aadaa ........ 21
2.1.3.4. Jijjiiramummaafi Itti Fufaatii ........ 22
2.1.4. Duudhaa Hawaasaa ........ 22
2.1.4.1. Ayyaana ........ 23
2.1.4.2. Waaqaafi Waaqeffannaa ........ 25
2.1.4.3. Ayyaanota gurguddoo Oromoon Kabaju ........ 26
2.1.4.3.1. Booranticha ........ 26
2.1.4.3.2 Ateetee ........ 27
2.1.4.3.3 Irreechaa ........ 27
2.1.4.4. Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa ........ 28
2.1.4.5. Kabaja Sirna Raawwii Ayyaaneffannaa ........ 29
2.1.4.6. Dhiibbaalee Duudhaa Oromoo Irra Qaqqaban ........ 30

2.1.4.6.1. Amantii Kiristaanaa ... 30

2.1.4.6.2. Amantii Islaamaa ... 31

2.1.4.6.3. Dhiibbaa Mootota Habashaa ... 31

2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate ... 32

2.2.1. Yaaxina Haalawaa ... 32

2.2.2. Yaaxina Faayidaa ... 33

2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii ... 34

**BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA ... 36**

3.1. Madda Odeeffannoo ... 36

3.2. Iddattoo ... 37

3.3. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo ... 37

3.3.1. Daawwannaa ... 37

3.3.2. Af-gaaffii ... 38

3.4. Malleen Qaaccessa Odeeffannoowwanii ... 38

**BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO ... 39**

4.1. Boorantichaa (Tiksaa) ... 39

4.2. Yoomessa Jalqabbii sirna Ayyaana Boorantichaa ... 40

4.3. Faayidaa Ayyaana Boorantichaa ... 42

4.3.1. Yaadannoo Hangafaatif ... 42

4.3.2. Ayyaana Abbaa ittiin Kadhachuuf ... 43

4.4. Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa ... 43

4.4.1. Raawwii Ayyaanan Duraa ... 44

4.4.2. Raawwi Yeroo Ayyaanaa ... 45

4.4.2.1. Sirna Muudaa ... 46

4.4.2.2. Sirna Qalmaa ... 46

4.4.2.3. Sirna Dhiyeessa Maaddii ... 47

4.4.2.4. Sirna Eebbaa ... 48

4.4.2.5. Sirna Dhibaafannaa ... 50
4.4.2.6. Sirna Daddarbaa ... 50
4.4.2.7. Sirna Nyaatafi Dhugaatii ... 51
4.4.3. Raawwii Ayyaana Boodaa ... 51
4.4.3.1. Sirna Ulma'aa ... 51
4.5. Waqtiilee Ayyaanni Boorantichaa Itti Kabajamu ... 52
4.5.1. Booranticha Kennaa Birraa ... 52
4.5.2. Booranticha Kennaa Arfaasaa ... 54
4.6. Hirmaattota Ayyaana Boorantichaa ... 56
4.7. Dhiibbawwaniifi Qamoolee Guddina Sirna Ayyaana Boorantichaa Duubatti Harkisan ... 57
4.8. Sadarkaa Sirni Kabaja Ayyaana Boorantichaa Yeroo Ammaa Irra Jiru ... 57
**BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 59**
5.1. Cuunfaa ... 59
5.2 Argannoo ... 60
5.3 Yaboo ... 61
**WABIILEE**
**DABALEEWWAAN**

# Tarree Gabateewwanii

**Fuula**

Gabatee 1: Omishaalee Midhaanii Aanaa Kuyyuu ........................................................................ 6

Gabatee 2: Oomishaalee Beeyladootaa, Kanniisafi Lukkuu........................................................... 7

# Baafata Suurawwanii

**Fuula**

Fakkii 1: Kaartaa aanaa kuyyuu ........ 10

Fakkii 2: Yeroo haati manaa hoolaa Boorantichaa mataa qabdeefi abbaan manaa ammoo qalu. .. 47

Fakkii 3: Maaddi abbaa manaa fuulduratti dhiyaatu ........ 49

Fakkii 4: Yeroo abbaa manaafi haati manaa kennaa Boorantichaa raawwataniifi dhibaafatan ..... 50

Fakkii 5: Booranticha kennaa Birraa irratti Hoolaa qalamu ........ 53

Fakkii 6: Booranticha kennaa Arfaasaa irratti Hoolaa qalamu ........ 56

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Seen-duuba

Uummanni Orommoo uummata maatii kuush jalatti ramadamaniifi uummata bal'aa kaaba baha Afrikaa jiraachaa tureedha.Yaaduma kana Alamaayyon (2007:19) yoo ibsu; "Oromoon saboota kuush keessaa isa bal'aafi uummata qabiyyee lafa guddaa irra dagaagee jiraatudha." Uummanni Oromoo biyya duudhaa, aadaa, seenaa, amantiifi safuu aadda addaa qabuudha. Yaaduma kana ilaalchisee Getaachoon (2004:7), yoo ibsu, "Uummanni Oromoo biyya aadaa, afaanifi sirna ittiin bulmaata mataa isaa qabaachaa ture."

Fookloorin garee hawaasaa waan walitti isaan hidhu ykn waan wal isaan fakkeessu tokko kan waliin qabaniidha wanti wal isaan fakkeessu kun ammoo aadaa, amantii, duudhaafi wkf dha. Kanuma ilaalchisuun Akka Melakne, (2006:8) ibsetti; "every group bouth together or by common interest and purposes weather educated or un educated, rural or urban, possessed of traditions which may be called its folklore" jedha. Yaada kana irraa kan hubatamu, dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan ykn wal isaan fakkeessan kan barates ta'ee, hin baratin, baadiyyaas ta'ee magaalaa qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookloorii jedhamuu akka danda'uu dha.

Uummanni Oromoo duudhaa isaa karaa ittiin ibsatuufi calaqqisiifatu yookan karaa ittiin waaqa isaa quunnamu kan ayyaana jedhamu qaba. Ayyaanni mil'uu waaqatiin uumamni kamuu humna argatu tokkoon guutamuu jechuudha. Ayyaanni afuura yookan calaqqee kan namuu arguu hin dandeenye, dhalli namaa ittiin waaqa isaa quunnamuufi maatii isaa wal bira hin jirre waliin illee ittiin wal argu yookan wal quunnamu jechuudha. Akka yaada hayyuu kanaa irraa hubachuun danda'amutti; ayyaanni haadhafi ilmoon, abbaafi ilmoon, maatiifi firootan afuura waaqayyootin guuttamanii akka abjuutti haa ta'uu yaadan waa argan yookan waa hubatan jechuudha. Kanuma ilaalchisee Leellisaa, (6413:122) akka lakkoofsa gadaa Oromootti yoo ibsu;

> *Ayyaanonni uummanni Oromoo qabu hedduudha isaanis: ayyaana boorantichaa, ayyaana abbaa (nabii), muudaa, irreechaaa, ayyaana gubaa, hulluuqqoofi ateetee fa'i. Waaqeffataan waanna isaa toleef kabajaafi galata galcha. Akkuma kanatti yeroon adda addaa kabajaafi galata adda addaa qaba. Fakkeenyaf ganni rooba waliin dhufu kabaja qaba; rooba nagaa nuuf roobi, bubbee, cabbii, bakakkaa*

*jalaa nu baraari jedhanii hoolaa gurraacha qalanii yaa waaq birraa dhufu nagaan nu ga'i nagaan wal nu agarsiisi jedhanii kadhatanii gargar bahu. Birraan daraaraa waliin dhufu hoolaa daalachaan simatama. Ayyaanni simannaa rooba gannaafi birraa kun ammoo Booranticha jedhama.*

Ayyaanni Boorantichaa ayyaanota gurguddoo uummanni Oromoo kabaju keessaa isa tokkoodha. Boorantichi uummata Oromoo biratti karaa kabaja waaqaa ittiin mul'isan, kan jaalala waaqaf qaban ittiin agarsiisaniifi ittiin barsiisanidha. Kanuma ilaalchisee Leellisaan (2018:121) yoo ibsu, Oromoon angafaaf kabaja guddaa qaba, kanaaf Ayyaana isaa kan angafaa sana kabaja. Walumaa galatti ayyaanni Boorantichaa ayyaana uummanni Oromoo qabuufi waaqa isa uume ittiin galateeffatuudha.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Uummanni Oromoo saboota bal'aa bara dheeraf Afrikaa keessa jiraachaa turan ta'uu seenduubee keessatti kaasuf yaalee jira. Uummanni kunis uummata aadaa, amantii, afaan, seenaafi duudhaa mataa isaa qabuudha. Haa ta'u malee, baroota dheeraaf afaan, aadaa, amantiifi duudhaa isaa dagachuun sababoota adda addaa kanneen akka dhiibbaa siyaasaafi amantiiwwan biroo irraa kan ka'e eenyummaa, aadaa, amantii, afaan, alagaa ofitti fudhatee kabajaafi itti fayyadamaa tureera. Haaluma kanaan ayyaanni Boorantichaa Uummata Oromoo biratti dagatamaa dhufeera. Ayyaanni Boorantichaa duudhaafi safuu uummanni Oromoo durirraa kaasee kabaja guddaa kenneefi gaggeessaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureedha. Ayyaanni kunis sababoota adda addaa irraa kan ka'e yeroo ammaa kanatti dagatamaa dhufeera. Sababoonni kunis dhiibbaa sirna bulchiinsaa, amantaalee biroofi kkf dha. Kanaafuu ayyaanni kun yeroo ammaa kana sadarkaa maalirra akka jiruufi gara fuulduraatti dhaloonni dhufu aadaafi safuu isaa akka hin daganne bu'uura kaa'uf kan qoratameedha. Kanaafuu qorataan kun kabajni sirna ayyaana kanaa uummata Oromoo biratti baay'ee waan dagatamaa dhufeef sababoota kabaja ayyaana Boorantichaa duubatti harkisan maal akka ta'e adda baasufi safuufi duudhaa isaa eegee akka itti fufu dhaloota quba qabsiisuf qorataan kun qorannoo kana gaggeessee jira.

Kanumaan walqabatee, qorannichi gaafilee armaan gadiitif deebii ni kenna jedhamee abdatama:

1.Ayyaanni Boorantichaa maali?

2. Adeemsi sirna ayyaana Boorantichaa maal fakkaata?

3. Hirmaattonni ayyaana Boorantichaa eenyu fa'i?
4. Sadarkaa kabajni ayyaana Boorantichaa yeroo ammaa irra jiru maal fakkaata?
5.Sirna ayyaana Boorantichaa irratti maal fa'atu dhiyaata?
6. Ayyaanni Boorantichaa yoomessa akkamii keessatti gaggeeffama?
7. Sirna ayyaana Boorantichaa irratti maal fa'atu dhiyaata?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

#### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Kuyyuu Qaaccessuudha.

#### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyon gooree qorannoo Kanaa:

- Maalummaa ayyaana Boorantichaa ibsuu;
- Adeeemsa sirna ayyaana Boorantichaa tarreessuu;
- Barbaachisummaa sirna ayyaana Boorantichaa addeessuu;
- Hirmaattota ayyaana Boorantichaa ibsuu;
- Sirna ayyaana Boorantichaa irratti wantoota dhiyaatan addeessuu;
- Hariiroo sirni ayyaana Boorantichaa wayitii wajjin qabu adda baasuu faadha.
- Sadarkaa sirni ayyaana Boorantichaa yeroo ammaa irra jiru ibsuu;

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Akka addunyaattis ta'ee, akka Afrikaatti yoo ilaalame sirni ayyaana Boorantichaa deemsa mataa isaa ni qabaata. Haa ta'u malee akkaataafi adeemsi sirna Boorantichaa iddoodhaa iddootti garaagarummaa ni agarsiisa. Gara Oromiyaattis yoo deebine, bal'ina lafaafi baay'ina uummatichaa irraa kan ka'e adeemsi sirna ayyaana Boorantichaa ilaalchisee garaagarummaan ni mul'ata. Kanaafuu adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa naannoo yookin garee hawaasaa tokkoo qorachuun ifatti baasuun kanneen gara biraa wajjin walbira qabamee akka ilaalamu gochuun

barbaachisaa ta’a. Kana malees adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa kutaalee Oromiyaa hunda irratti xiyyeeffachuun qoratanii beeksisuun aadaa, duudhaafi safuu keessatti gaheen sirni ayyaana kanaa qabu akka beekamu taasisa. Walumaagalatti qorannoon kun faayidaalee armaan gaditti eeraman kanneen of keessatti ni hammata.

- Dhiibban gama amantaalee biraatin ayyaana kanarraa mala ittiin hambisuun danda’amu ni eera.
- Namoota gara fuulduraatti mata duree kanaan wal fakkaaturratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif bu’uura buusun akka madda ragaa lammaffaatti tajaajiluu ni danda’a.
- Dhiibbaan gama bulchiinsatiin ayyaana Boorantichaa irratti taasifamu ni xiqqaata.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun adeemsa sirna ayyaanichaa qofa irratti xiyyeeffata. Qorannoon kun guutuu Oromiyaa irratti osoo hojjetamee bu’aa guddaa fiduu danda’a jedheen amana. Haa ta’u malee hanqinoota yeroo, baajataafi meeshaalee garaagaraaa irraa kan ka’e godina shawaa kaabaa keessaa aanaa kuyyuu irratti qofa kan xiyyeeffateedha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorataan tokko yeroo qorannoo adeemsisu hanqinoonni garaagaraa qorataa kana muudachuu ni danda’u. Qorataan qorannoo kanaas wayita qorannoo kana gaggeessetti hanqinoonni isa muudatan armaan gaditti tarreeffamaniiru.

- uummatni naannoo qorannoon kun itti gaggeeffame amantaa garaagaraa waan qabaniif odeeffannoo barbaadamu iftoominaan kennuu hin dandeenye;
- Hanqinni yeroofi baajataa isa muudachuu danda’eera;
- Hanqinni humna namaa isa muudachuu danda’eera;
- Odeef kennitoonni yeroofi iddoo jedhametti argamuu dhabuu;
- Rakkoon geejjibaa qoraticha muudachuu danda’eera;
- Hanqinni maallaqaa qoraticha muudachuu danda’eera;

Qorannoo kana keessatti hanqinoota armaan olitti ibsaman kana qoratichi tooftaalee garaagaraatin jala darbuu danda’eera. Tooftaalen kunniinis armaan gadittui ibsamaniiru. Isaanis;

- Dhoksaadhan viidiyoo garaagaraa waraabuu
- Namoota sirna sana irratti hirmaataniif si'eessituu adda addaa kennuufin odeeffannoo irraa fudhachuu
- Namoota warreen ayyaana san kabajaniin walitti dhiyaatan itti erguun odeeffannoo irraa sassaabuu
- Qoratichi maatii isaa kaayyoo isaqa itti himuun odeeffannoo sirrii akka itti himan taasisuu

**1.7. Qindoomina Qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaalee gurguddoo shanitti kan qoodameedha. Boqonnaa isa duraa keessatti seensa, ka'umsa qorannichaa, gaafilee qorannichaa, kaaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi daangaa qorannichaatu argama. Boqonnaa lammaffaa keessatti ammoo sakatta'a barruutu dhiyaate. Boqonnaa sadaffaa keessatti tooftaa qorannichaatu dhiyaate. Kunis madda odeeffannoo, malleen odeeffannoon ittiin funaaname, adeemsafi mala odeeffannoon ittiin qaacceffame of keessatti hammata. Boqonnaa afraffaa keessatti odeeffannoowwan funaanamanitu keessatti qaacceffame. Boqonnaa shanaffaa keessatti ammoo guduunfaa, yaboofi yaada furmaatatu dhiyaate. Dhumarratti kitaabilee wabii, rarraatuwwan akka odeeffannoo funaanutti tajaajilanitu kaa'ame.

**1.8. Waa'ee Hawaasa Naannoo Qorannichaa Amma Tokko**

Aanan kuyyuu bulchiinsa Mootummaa naannoo Oromiyaa keessaa godina shawaa kaabaa keessatti aanoolee argaman keessaa ishee tokkoodha.

Daangaan aanaa kuyyuu bahaan aanaa dagam, kibbaan godina shawaa lixaa, dhihaan aanaa warra jaarsoo, kaaban aanaa hidhabuu abooten daangeffamtee magaala gudditti Oromiyaa finfinnee irraa km 156 irratti argamti. Bal'inni lafa aanaa kuyyuu akka ragaa waajjira bulichinsaa fi itti fayyadama lafa baadiyyaa aanaa kuyyuu irraa argame ibsutti 97400.85 he. Taa'umsi lafa aanaa kuyyuu baddaan 33.7, bada-dareen 50.7, gammoojjin 15.5. Aanaan kuyyuu akka aanaatti kan hundoofte bara 1933 dha.

Qilleensi baramaan aanaa kuyyuu waqitiilee afur kan qabu ta'ee haala barameen ganni waxabajjiidhaa hanga hagayyaatti yeroo bokkeenyi guddaan roobu ta'ee; qotee bulaan omisha gannaatif sanyii itti facaasufii kunuunsu dha. Birraan fuulbanaa hanga sadaasatti yeroo qotee

bulaan aadaa isaa itti kabajatuufi bokkeenyi darbee darbee haala xiqqaadhaan jiraatus; yeroo omishni itti sassaabamuudha. Bona kan jedhamu muddeedhaa hanga Gurraandhalaatti yoo ta'u; Kunis qote bulaadha yeroo omisha sassaabuu itti xumuree, omisha kana dhahee jireenya hawaasummaa itti gaggeesufi qonna arfaasatiif itti qopha'udha. Arfaasan bitootessaa hanga Caamsaa yoo ta'u; yeroo qonnan bulaan omisha arfaasaa itti omishuufii qophii lafa qonna gannaatif itti qophaa'u dha.

Afaan uummata aanaa kuyyuu biratti bal'inaan kan dubatamu; afaan hojiifii barnootaa kan ta'e afaan Oromooti. Dabalataanis afaan kana maddiitti afaan amaariffaa magaaala keessatti iddoo tokko tokkotti kan dubatamuudha. Afaan silxeefi guraagee sabni silxeefi guraagee sababa daldaalaatin magaalatti baballatanii waan jiraniif ofumaa kan itti fayyadamaniidha.

Bulchinsi Aanaa Kuyyuu akkaataa caaseffama isaatin gandoota baadiyyaa 23 fi gandoota magaalaa 2 kan qabduu dha. Diinagdeen aanaa kuyyuu kan hundeeffame qonna irratti yoo ta'u waqtii isaa eeggatee omishni adda addaa kan omishamuudha. Akka ragaan waajjira misooma qonnaa aanaa kuyyuu argame ibsutti gosti omisha aanaa kuyyuu akka armaan gaditti kan jiruudha.

**Gabatee 1: Omishaalee Midhaanii Aanaa Kuyyuu**

| Lakk | Gosa midhaan omishamuu | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | midhaan agadaa | midhaan biilaa | midhaan dheedhii | midhaan zayitaa | kuduraa | midhaan hiddaa | muduraa |
| 2 | boqqooloo | Xaafii | baaqelaa | nuugii | salaaxaa | hundee diimaa | muuzii |
| 3 | misingaa | qamadii | atara | talbaa | raafuu | Kaaroota | loomii |
| 4 | ____ | garbuu | boloqqee | Saliixii | timaatima | qullubii diimaa | maangoo |
| 5 | ____ | _____ | shumburaa | sanyii raafuu | corqaa | Moosee | burtukaana |
| 6 | _____ | _____ | missira | Suufii | qoosxaa | qullubii adii | Paappayaa |
| 7 | _____ | _____ | gaayyoo | ____ | ____ | Maxaaxisa | _____ |

Horsiisa loonitiif mijaawaa kan taate aanan kuyyuu loon gaanfaa, kotte duudaa, lukkuu fii hormaata kanniisatiin uummanni magaalaafii baadiyyaa bal'inaan irratti hirmaachaa kan jiran ta'ee, dhiyeessin omisha aannaniifi bu'aawwan isaa damma, fooniifi killee bal'inaan itti deemamaa jira. Akka ragaan waajjira kunuunsa beelladaafi gabaa aanaa kuyyuu irraa argame ibsutti gabatee armaan gadii yaa ilaallu.

**Gabatee 2: Oomishaalee Beeyladootaa, Kanniisafi Lukkuu**

| lakk. | Gosa beeyladootaa kanniisafi lukkuu | Baay'ina | omishaafi tajaajila kennan |
|---|---|---|---|
| 1 | Horii gaanfaa | 128,682 | aannan, dhadhaa, foon tajaajila humnaa fi kkf.. |
| 2 | Farda | 1789 | Tapha gombisaa, geejibaaf tajaajila humnaa |
| 3 | Gaangee | 31 | geejibaaf, tajaajila humnaa |
| 4 | Harree | 12730 | fe'iisaf |
| 5 | Lukkuu | 126 | foon, killee |
| 6 | Kanniisa | 14115 | damma, gaga |

Eegumsa Fayyaa loonii eeguudhaaf dhaabbileen fayyaa beeyladaa jiran :

- Keellaa fayyaa horii torba
- Kilinikiin fayyaa loonii tokko
- uwwisinni fayyaa akka aanatti parsantii saddeettamii torbaafi tuqaa shaniidha.

Daldala ilaalchisee akka waajjirri daldalaafi induustirii aanichaa ibsetti yeroo ammaa guddina magaalatiin kan ka'e baadiyyaa keessatti magaalaa xixiqqaa hundeessudhaan, namoonni hedduun qonna dhiisee daldala keessa galee jira.

Bu'uraalee misoomaa keessaa inni ijoon daandidha. Akka aanaa kuyyuutti yoo ilaalelle daandin magaalafi baadiyyaa, baadiyyaafi baadiyyaa bonaafi ganna kan walquunamsiisan akka odeeffannoon abbaa taayitaa daandii baadiyyaa aanaa kuyyuu irraa argame akka ibsutti daandin aspaaltii magaalaa finfinnee irraa ka'ee gara Gojjam deemu hanga magaalaa Ga/Gurraachatti kilo meetira dhibba tokkoofi shantamii jahadha. Daandiin magaalaafi baadiyyaa walqunamsiisu;

- Qarree kuraa -darroo willincoo (34.18 ) km
- Daandii Ga/Gurraacha -charee (jilaa Qeerrensaa ) 6.5 km
- Daandii ulaa huummoo-karkarreessaa cabaree deemu 21.4 km
- Daandii boondee gidaabodhaa-darroo cangii deemu 13 km
- Daandii Ga/Gurrachaa-dubbannaa agaloo deemu 6km

Barnoota aanaa kanaa yoo ilaalle; akka ragaa waajjira barnoota aanaa Kuyyuu ibsutti aanan kun manneen barnootaa:

- Sadarkaa tokkoffaa (1-8) torbaatama.
- 9-10 afurtama.
- 11-12 (qophaa'inaa) tokko yoo ta'u akka waliigalaatti uwwisni barnoota 96.8 % akka ta'e odeeffannoon waajjira barnoota aanichaa irraa argame ni ibsa.


Haala fayyaa ilaalchisee akka ragaa waajjira fayyaa ibsutti aanaa kuyyuu keessa tajaajilli fayyaa kennamaa jiran:

- Keellaa fayyaa diigdamii sadi
- Kiliinika giddu galeessaa lama
- Hospitaala tokko

Haala bishaan dhugaatii aanaa kuyyuu ilaalchisee akka ragaan waajjira albuuda, inarjiifi bishaan aanaa kuyyuu irraa argame ibsutti iskiimiwwan adda addaa fayyadamuudhan kenniinsi bishaan qulqulluu uwwiisni akka magaalatti 90% dha. Baadiyyatti 75.23 % irra jira.

Iddoowwan hawwata turizimii aanaa kuyyuu: qaawwaa jiruu busaa, bosona gololee, tulluu adalgee, muka raajii, holqa Muluu Asanuu fi kkf kan of keessaa qabuudha.

Ilmaan Oromoo Booranaafi Baarentu. Uummanni Oromoo Tuulamaa ammoo kan Booranaati. Caasan latiinsa Oromoo tuulamaa armaan gaditti ibsamaniiru. Aanaa kuyyuu keessa jiratan latiinsi isaa Oromoo tuulamaatti. Akkuma bal’inaafi baay’ina uummata Oromootti gosoota hedduu qaba. Caasaan gosa Oromoo aanaa kuyyuu akka armaan gaditti ibsama.




**Maddi (kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa)**

Kan armaan olii akka jirutti ta’ee yeroo ammaa kana mana saglanii gaditti ka’umsaaf kan ta’u, kan maanguddoota irraa argaman akka armaan gaditti teechiseera.

1. Baantuu (4)n muunyoo, waayyuu, takloofi dirree

2. Ariiroo (3)  carcar, kifloo, yaayyaa

3. Abaadhoo

4. Nya'a

5. Waajju

6. Amuumaa (2)  nya'afi  biille

7. Darroo (12)   kilfoo, dhanqaa, gidaaboo, akaalee, idooroo, waacuu, waldee, alqoochii, geergisoo, amdoo, nya'afi anfootaa

8. Dhaaye (5)   wara'ee, tuutii, boonayyaa, fiqaalo fi alaakuu

9. Kuyyuu  (4) haco , kura, illaamuu fi aabbu

Mata duree qorannoo kanaatif mana  kuyyuu adda baasuun barbaachisa waan ta'eef akka armaan gaditti teechiseera. Gosti Oromoo aanaa kuyyuu keessa jiratan latiinsi isaa Oromoo tulamaatti. Akkuma bal'inaafii baayyina uummataa Oromoo gosoota hedduu qaba.

**Lattinsa Mana Kuyyuu**

Haco (8)

1. Waacuu
2. Ricoo
3. Sanbatoo
4. Amuuma
5. Gonbooloo
6. Subuqu
7. Ejeree

Kura (6)

1. Akaalee
2. Kooyyee
3. Gosee
4. Uuyyee
5. Daawee
6. Mogoroo

Aabbu (7)

1. Carrawaa
2. Cilaallo
3. Sunbee
4. Bukoo
5. Idaanaa
6. Horo
7. Hariiroo

Ilaamuu (7)

1. Bifutaa
2.Masqalii
3. Guttee
4. Mana kura
5. Waliyee
6. Heebanoo
7.Mana hallee

**Maddi (Waajjira aadafi Turiizimii Aanaa Kuyyuu)**


Haala armaan olitti ibsameen alatti gosti kuni maatii xixiqqaadhanis ta'ee guddaadhan sababa adda addaatin fkf roorroo abbaa lafaa baachuu dadhabuudhaan, harki qallachuudhan, haala mijataa barbaaduudhaanfi amala dhabuudhan kan wal makanii jiraataniidha. Maqaan namaa, lafaa, loonii fi kkf moggaasni maqaa yommu kennamuuf walfakkeenya ta'iiwwan adda addaa irraa akka maqaan moggaafamu ni beekama. Jechi kuyyuu jedhu akka maanguddoota aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Shawaalul Sanyii fi Obbo Damissee Dafarshaa (18/1/20110 ibsanitti;

haati arfan diiramuu maatii ishii hojiif bobba'an keessaa ilmi quxusuun duubatti waan hafeef obsa dhabdee ala baatee eegaa turtee; dhumaratti galgaleessee waan dhufeef karaaratti simattee "naa dhuftee kuuyyisa koo" jettee mormatti waan maramteef; guyyuma sana maqaa kuyyuutin waaman jedhanii ibsaniiru.

Yaada moggaasa waliigalaa Aanaa Kuyyuu, undeefamaafi guddina magaalaa Ga/Gurraachaa magaalota naannoo jiran caalaa guddachuun hundeefama aanaatiif ka'msa ta'uu dandeessera. Akka waajjirri aadafi turiizimmiii Aanaa Kuyyuu ibsutti; Haalli qabannaa lafaa gosa Kuyyuu naannessaa magaalaa Ga/Gurraachaa, gandoota 14 kan ta'an moggaafama maqaa aanaa Kuyyuutif kan balbala baneedha.

Gosti kuyyuu ilmaan diiramuu keessa tokko yoo ta'u; quxusuu ta'us bal'ina gosichaa madditti afoola adda addaatiin kuyyuun leellifamaa dhufuun beekamtii argachuun moggafame. Maqaa gosaatiin lafti waamamuun G/Gurraachaa dabalatee lafa kuyyuutin akka waamaman moggaasni aanaa kuyyuu akka milka'u gargaareera.

Aanan kuyyuu duudhaa fi aadaa boonsaa mataa isaa kan ta'e ayyaana kan jedhamu qaba. Ayyaanonni aanan kuyyuu kabaju keessaa irreechaa, ateetee, qaalluu, masqalaafi Booranticha. Duudhawwan aanaa kuyyuu keesatti beekaman kanniin keessaa qorannoon kun qaaccessa adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa irratti kan xiyyeeffateedha.




**Fakkii 1: Kaartaa aanaa kuyyuu**

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU

Boqonnaan kun sakatta’a barruulee garaa garaarratti kan xiyyeeffatu yoo ta’u ibsuudhaf akka mijatu qorataan qorannoo kanaa kutaalee saditti qoqqoodee dhiyeessera. Kutaan duraa yaadrimeewwan dhimmoota mata duree qorannichaatin wal qabatan ilaala. Kutaa lammaffaan yaaxinoota qorannichi bu’ureeffatee gaggeeffamerratti xiyyeeffaata. Kutaa sadaffaan qorannoolee hojii kanaan walitti dhufeenya qaban sakatta’uu ta’a. Tokko tokkoon isaanii mata dureewwan xixiqqaa of jalaa qabu.

## 2.1. Fookloorii

Maalummaa Fookloorii ilaalchisee hiikni murtaa’aan lafa kaa’ame hin jiru. Haa ta’u malee, Kitaabonni adda addaa waa’ee fookloorii hiika adda addaa lafa kaa’aniyyuu; hiikni isaan kennan kun walfakkeenya qabu. Kanuma ilaalchisee Isaacs (1981:457) yoo ibsu; “Folklore is the social, material and oral culture of primitive societies. The social culture comprises such forms as festivals, dances and religious rites. The material culture comprises architecuture, art and crafts. The oral culture includes songs, tales, legends, proverbs and riddles.”

Yaada kanarraa akka hubatamutti fookloorin hawaasummaa, meeshaalee hambaafi afoola hawaasa walii galaati. Aadaan hawaasaa kanneen akka taphoota adda addaa, shubbisa, hojiiwwan amantaa kan hammatu, meeshan aadaa immoo, ogummaawwan, ijaarsa garaagaraaa, akkasumas afoolli hawaasaa, faaruuwwan, durduriiwwan, afseenaa, mammaaksa fi hiibboo kan of jalatti hammatuudha.

Dundes (1965:3) akka ibsutti “Foklrore offers a socially sanctiond outlet for the expression of taboo and anxiety-provoking behavior. One can do or say in folklore from things otherwise interdirected in every day life” jedha. Yaadni kunis fookloorin wantoota saalfii ta’aniifi wantoota nama gammachiisan amaleeffannaa yookin muuxannoo namoonni jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti qaban kan calaqqisiisu ta’uu isaa agarsiisa.

Fookloorii ilaalchisee Melakne (2006:8) ibsutti; “every group bound together or by common interest and purposes weather educated or un educated, rural or urban, possessed abbacy of traditions which may be called its folklore” jedha. Akka yaada kanaatti, hawaasni kamiyyuu kan kaayyoo tokkoof waliin jiraatan namoota baratanis ta’ee kan hin baranne, baadiyyaas ta’ee

magaalaan akka aadaatti wal too’achuu danda’uun fookloorii jedhama. Kana jechuun, hawaasni kamiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabanii fi hawaasa barateefi hin baratin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta’uu isaa mirkaneessa. Dhalli namaa hundi wantoota walitti isaan hidhan yookiin wal isaan fakkeessan kan barates ta’ee hin baratiin, baadiyaas ta’ee magaalaa qaamni aadaa walitti isaan hidhu fookloorii jedhamuu akka danda’uudha. Kana jechuun, hawaasni kamiiyyuu waan isaan walfakkeessu kan qabanii fi hawaasa barateefi hin baratin akkasumas, magaalaafi baadiyyaan kan hin daangeffamne ta’uu isaa mirkaneessa.

Yaaduma armaan olii Kanatti dabaluun Oring (1986:135) Dundes waabeffachuun “Folk can refers to any group of people what so ever who share at least one comman factor. The comman factors create a sense of collective identity, so that any population with such a sense could be regarded as a fok” jedhu. Akka warraaabbii kanarraa hubachuun danda’amutti ‘folk’ jechuun garee hawaasaa kamiyyuu ta’ee yoo xiqqaatee, xiqqaate waan tokko kan waliin qooddatan jechuudha. Waan isaan waliin qooddatan kun ammoo miira eenyummaa keessatti uumuu akka danda’u agarsiisa. Miirri eenyummaa kun dhuftee hawaasichaa, aadaafi amantaaf bu’uura ta’a. Kanaaf gareen hawaasaa uumamu fooklooriif bu’uura ta’a.

> *Folklore is informally learned, un official knowledge about the world, our selves, our communities, our belief, our cultures, and our taditions that is expressed creatively through words, music customs, actions, behaviors and materials. It is also the interactive, dynamic process of creating, commnnicating and performing as we share that knowledge with other people (Smis Stephens, 1965:12).*

Yaada oliirraa kan hubatamu, fookloorin osoo itti hin yaadin kan baratamu, beekumsa dhaabbataa kan hin taane; waa’ee addunyaa, waa’ee keenyaa, waa’ee hawaasa keenyaa, waa’ee amantaa keenyaa, waa’ee aadaa keenyaa fi barsiifata keenyaa jechatti, muuziqaatti, gochatti, amalaafi meeshaaletti gargaaramuun ogummaa (kalaqa) hawaasaa kan ibsuudha. Akkasumas; walitti hidhatiinsa fi raawwiin beekumsa waljijjiiruu keessa uumamaa kan deemu dha.

Qorattoonni fookloorii amala dhuunfaafi ibsa isaa irratti hundaa’un fookloorii bakka hedduutti qoodu. Hayyuun Dorson (1972:2) yoo ibsu, “Folklore can be divided in to four categories; these are termed as the oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts”. Akka yaada hayyuu kanaatti fooloorin iddoo gurguddoo afuritti qoodama. Isaanis: meeshaa aadaa, afoola, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamati. Qorannoon kun ammo

goorowwan fookloorii keessaa duudhaa hawaasaa kan ta'e ayyaana Boorantichaa irratti xiyyeeffate.

### 2.1.1. Afoola

Afoolli aadaa hawaasaa irratti hundaa'uun, ragaa seenaa, safuu, duudhaa aadaa, jiruufi jirreenya hawaasa tokkoo kan ibsu ta'ee, afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan daddarbuudha. Afoolli dhalootaa  dhalootatti afaaniin kan darbu hambaa uummataati. Namni mirga abbummaa falmatu waan hin jirreef jiruu fi jireenya hawaasichaa keesssaa waan burqeedha. Kanaafuu, afoolli, ragaa qabatamaa aadaa fi seenaa dhaloota darbe tokkooti, (Abarraa Nafaa, 1993:1).

Afoolli qabeenya hawaasa itti fayyadamu sanaati. Namni dhuunfan mirga abbeentaa afoolaa falmatu hin jiru. Kanaafuu afoolli maddisaa hawaasa yoo ta'u, abbaan isaas hawaasuma. Kan malees, akka kuusaa seenaatti tajaajila. Sababni isaas, afoolli seenaa dhaloota darbee dhaloota ittaanuuf kan dabarsu waan ta'eefi. Uummanni oromoo waggoota dheeraaf hawaasa ogafaanii qofa ture. Sababni isaas afaan Oromoon sirnoota mootummoota, Habashaa darban keessatti hacuuccaa hamaa jala waan tureef, afaan dubbii malee afaan barreeffamaa hin turre. Barreessuudhaan seenessuu dhiisun immoo seenaa uummata tokkoo hin dhabamsiisu. Haa ta'u malee hamma tokko irraanfatamuu mala. Afoolli isa kaleessaa, har'atti isa har'ammoo borutti ceesisuun wal harkaa fuudhun  jiraataa jiraachisa. Kun immoo namni barruu hin qabne seenaa hin qabu hin jechisiisu. Namni hundi beekuu qabu, hawaasni tokko barruu hin qabu ykn teeknoolojiidhaan san hunda hin hojjenne jechuun ogummaa hin qabu (Finegan, 1970).

Afoolli kalaqa sammuu ilmaa namaa ta'ee seeneffama afaani dhaloota tokko irraa gara itti aanutti kan darbuudha. Fedhasaan (2013:33) maalummaa afoolaa ilaalchisee yoo ibsu;

> *Afoolli kalaqa sammuu keessatti qophaa'uun afaaniin himamuudha. Kana keessatti haalli lufinsa isaas himinsa afaaniin malee, barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asga'an, jechuun ibsa.Yaada kanarraas wanti hubatamu afoolli afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbu ta'ee dhimmoota garaa garaa of keessatti hammachuu isaati.*

Akka yaada kanaatti, afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa, diinagdee, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa kan of keessatti hammatu ta'ee, himiinsa afaanin dhalootaa gara dhalootatti kan darbu akka ta'e nu hubachiisa. Haaluma kana fakkaatuun, Addunyaan (2014: 166), yoo ibsu;

> *Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsafi naatoo ittiin hubatu jechuunis ni danda'ama. Kana malees, sochii miirafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhatee miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hoji uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kunuunsee dhiyeessa jechuun ibseera.*

Akkasumas, afoolli abbummaan osoo hin ta'in uummatummaan beekama. Namni mirga abbummaa falmatu hin jiru. Kanaafuu, afoolli muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta'eef, ragaa qabatamaa uummata tokkooti (Nagarii Leencoo, 1993).

Afoolli kalaqa sammuu ilma namaa keessatti qindaa'un kan afaanin himamuudha. Kana keessatti, haalli kuufamaafi lufiinsa isaas himiinsa afaanitiini malee barreeffamaanii miti.Wanti afaanin lufaa dhufe kun baattuu seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii as gahaniidha Misgaanuu, (2011:15), Getaachoon (2008:114) kana deeggaruun, "afoolli gosa ogbarruu ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himiinsa afaanitiin dhalootaf akka dabarsu eera. Kanaafuu, afoolli aartii jechaa yookan ogbarruu dubbii jedhamuu ni danda'a. Sababni isaas wanta sammuu keessatti qindaa'etu afaaniin himama waanta'eefi."

Afoolli sadarkaa jireenya uummata tokko kan mul'isu, fedhii, hawwii, gadda, gammachuufi bu'aa baayii ilma namaa ifa kan godhu, daawitii jiruufi jireenyaa kan ta'e damee fookiloorii kanneen gurguddoo ta'an keessaa isa tokkoodha. (Wiirtuu Jiildii 5,1992:121). Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti afoolli jiruufi jireenya dhala namaa keessatti wantoota ta'aa dhufaniifi raawwatamaa dhufan hawwii, fedhii, jaalala, jibba, gaddafi gammachuu afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsaa dhufeedha. Okpewho (1992) gosoota afoolaa Afrikaa bifa isaan qabanirratti hundaa'udhaan bakka gurguddaa sadiitti qooduun kaa'eera. Isaanis: raagoowwan, afwalaloofi himoota gaggabaaboodha.

#### 2.1.1.1. Afseenaa (Oral Narative)

Raagoon akaakuwwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, dandeettii sammuun waa yaadachuu bu'ureeffachuun waggoota dheeraaf darbaa dhufuun dhaloota har'aa bira kan ga'ee dha. Ogummaan kun dhalli namaa dhaloota irraa kaasee hanga du‟utti adeemsa jireenyaa kan ibsu waan ta'eef, saba kam keessattiyyuu kan argamu dha. Kana malees raagoon ta'insoota adda addaa duraa duuba isaa eegudhaan hawaasicha jiruufi jireenya guyyuu keessatti wantoota addatti muudatan irratti hordoftoota bashannansiisuu, barsiisuufi ergaa kaayyeffate haala dabarsuun dhiyaata. Oring (1986), raagamtaa, afseenafi durdurii jechuun raagoo iddoowwan saditti qoode. Haala kanaan gooroo afoolaa keessaa tokko kan ta'e raagoon raagamtaa, afseenafi durdurii of jalatti hammata. Ragamtaan gama isaatiin raagamtaa uumamaa, fi Raagamtaa ergamootaa gooban galeessa jedhamuun iddoo saditti qoodama.

#### 2.1.1.2. Afwalaloo

Afwalaloon bifa walaloon kan dhiyaatufi dhimmoota hawaasaa diinagdeen, hawaasummaan, siyaasaan, akkasumas gama seenaatiin gumaacha guddaa kan taasisu damee afoolati. Afwalaloon Oromoos akkuma afoola isaan biroo afaanin kan dhaloota darberraa dhaloota dhufutti darbu yoo ta'u, yeedalloo qabaachuu isaatiin afoolawwan kaan irraa adda ta'a.

Akka Solomoon (2007:129) ibsetti, afwlaloon aadaa hawaasichaa bu'ureeffachuun hawaasa keessatti dhuunfan yookiin immoo gareen dhiyaachuu danda'a. Haala kanaan wantoota hawaasa jireenya guyyuu keessatti muudatan, wantoota uumamaan walqabatanii muudatan, falaasama hawaasichi qabu, beekumsa, ilaalchafi kkf afwalaloo bu'ureeffachuun dhalootaa dhalootatti darba.

Finnegan (1970:109-299) goorowwan afwalaloo: hamileessaa, faarsaa (boo'icha, amantaa, afwalaloo addaa, miiroo, siyaasaa fi uruursa daa'immanii jechuun iddoowwan garaagaraatti qooddi.Yaaduma armaan olii kana bu'ureeffachuun maalummaan gosoota afwalaloo garaagaraa haala itti aanu kanaan dhiyaataniiru.

##### 2.1.1.2.1. Afwalaloo Haamileessaa

Namoota dandeettii addaa qaban jajuu, dinqisiifachuufi kkf  sammuutti qabachuun dhiheessu dha. Yaaduma kana Finnegan (1970:89), yoo ibsitu; "The skilled and separate of this poetry is

further evedent from the existence of specialist training, particularly in the skill of recitation." Akka yaadni kun ibsutti, afwalaloo gosa kanaa dhiheessuf shaakala addaa gochuu qofa osoo hin taane, kennaa addaa barbaada. Keessattuu dandeettii waan tokko shaakaluun sammuudhan yaadachuutin leenjii addaa barbaada.

### 2.1.1.2.2. Afwalaloon Faarsaa

Afwalaloon faarsaa immoo waa'ee namootaafi wantootaa sammuudhaan yaadachuun faarsuu yookiin ceepha'uu dha. Kunis faaruu loonii, aangawoota, goototа, misirroowwan, sanyii (gosa), mootiifi kkf. jajjabeessuf, haamilee isaanii eeguuf yookiin qeequn kanneen tajaajilanii dha.

Finnegan (ibid:119) yoo ibsitu, "Praise poetry often plays an essential part in the rites of passage. when an individual (or group) moves from one status to another in society, the transition is celebrated by praise making the new status or commemoration the old." Akka yaada kanaatti immoo sadarkaa lufiinsa jireenyaa keessatti afwalaloon faarsaa iddoo olaanaa qaba. Innis yommuu namni sadarkaa jireenyaa tokkorraa isa biraatti ce'u, afwalaloon faarsaa kun kabajannaa ayyaanichaarratti ce'umsa isa haaraa agarsiisuufi isa moofaa yaadachiisun shoora olaanaa taphata.

### 2.1.1.2.3. Afwalaloo Boo'ichaa

Afwalaloon boo'ichaa gama isaatin tajaajila hawaasichaaf kennu kan mataasaa qaba. Yaada kanas ibid (1970:149) yommuu ibsitu, "the most obivious instance of elegiac poetry are those poems or songs performed at funeral or memorial rites." Yaada kanarraa wanti hubatamu, afwalaloon boo'ichaa akaakuwwan afwalaloo keessaa tokko ta'ee sirna awwaalchaa yookiin yaadannoo namoota du'aniif taasifamu irratti kanneen bal'inaan tajaajilan mara of jalatti hammata.

### 2.1.1.2.4. Afwaalaloo Amantaa

Afwaalaloo amantaa dhimmoota amantaa wajjin walqabatanirratti hawaasini bal'inaan itti tajaajilama. Finnegan (1970:168) ammas itti dabaluun akka ibsitetti; afwlaloon tokko kan amantaa ta'uu adda baasuf, qabxiiwan sadi xiyyeeffatamuu qabu: qabiyyeen afwalaloo sanaa amantaa ibsuu, miseensota hordoftoota amantichaan irra deddeebi'amee shaakalamuufi

sammuutti qabachuun dhiyeeffamuu akkasumas dhimmoota akka amantichaatti yeroo isaa eegee raawwatamu bu’ureeffachuu dha.

**2.1.1.2.5. Afwalaloo Addaa**

Afwalaloon addaa hojiiwwan adamoo, waraana, akkasumas dhimmoota dhugummaan isaa namatti dhaga’amuu fi kkf hawaasni haala addaatin itti tajaajilama.

**2.1.1.2.6. Afwalaloon Miiroo**

Afwalaloon miiroo gama isaatiin tajaajila bal’aa hawaasaaf ni kenna. Yaad kana fakkaatu ibid (1970:242) yoo ibsitu. “rites of passage are very common occasions for singing. There are songs associated with birth, initiation and puberty, betrothal, marriage, acquiring anew tittle or status, and funeral and memoral celabration.” Akka yaada kanarraa hubachuun danda’amutti lufiinsa jireenyaa keessatti afwalaloowwan haala garaagaraan fayyadamuun baramaa dha. Kunis afwalaloowwan guyyaa dhalootaa, kaka’umsaafi dargagummaa, kaadhimmachuuf, gaa’elaaf, aangoo argachuu, sirna awwaalchaafi kabaja yaadannoo namoota du’aniif taasifamuufi kkf keessatti akaakuun afwalaloo miiroo haalan tajaajila.

**2.1.1.2.7. Afwalaloon Siyaasaa**

Afwalaloon siyaasaa dhimmoota hawaasni siyaasa ilaalchisee ibsachuu barbaade, dhiibbaa gochuuf, olola siyaasaaf, dimshaashumatti dhimmoota siyaasa ilaallatan ittiin ibsachuuf kan hawaasa tajaajiluu dha.

**2.1.1.2.8. Afwalaloo Uruursa Daa’immanii**

Afwalaloon uruursa daa’immanii yoo ta’u kunis fakkeenyummaa gaarii dhiheessun daa’imman haala salphaan maaltu akka irraa eegamu barachaa deemu. Kun immoo osoo itti hin karoorfamin uumamaan hawaasa hunda biratti waan argamuudha. Walumaagalatti akaakuuwwan afwalaloo Finnegan bu’ureeffachuun armaan olitti ibsaman irraa hawaasni dhimmoota garaagaraatiif afwalaloowwan garaagaraa akka fayyadamu hubachuun ni danda’ama.

**2.1.1.3. Qareeyyii (Witticism)**

Himoota gaggabaaboon bifa walaloon yookin immoo hololoon kan dhiyaatan ogumma hawaasaan kalaqame dame afoolati. Akka Solomon (2007:134) ibsetti; akaakuwwan afoolaa as

jalatti qoodaman hedduu ta'uu danda'u. Kanneen keessaa muraasni, mammaaksa, hibboo, faaruu gootaa, fi kkf fa'i. Akka yaada kanaatti himoonni gagabaaboon haala lamaan dhiyaachuu danda‟u: bifa walaloofi bifa hololootiin. Fakkeenyaaf, hibboo, dubbii qoolaa, mammaaksa yoo fudhanne yeroon isaan bifa walaloon, yookiin immoo bifa hololoon dhiyaatan ni jiraata.

### 2.1.2. Meeshaa Aadaa

Meeshaalen aadaa namoonni ogummaa isaanii irratti hundaa'un kan bobbocaniifi tolchan ta'anii kan ijaan mul'ataniifi harkaan tuttuqamuu danda'aniidha. Yaada kana Misgaanun (2011:15) akka ibsetti, "wanti aadaa kan gurraan dhaga'amu yookin kan afaanin dubbatamu caalaa kan ijaan ilaalamuudha. Wanti aadaa kunis aadaa, amantaafi falaasama hawaasaa bifa ilaalamuufi harkaan qabamuutin labata tokkorraa isa biraatti ittiin darbuudha. Solomoon (2007:250) gamasaatiin akka ibsetti, meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan of jalatti hammatu yoo ta'u, isaanis hojii harkaa, ogummaa harkaa, maandisummaa aadaa, aadaa nyaataafi dhugaatii, uffannaa aadaa jedhamuun kan qoqqoodaman yoo ta'u, akka ifa ta'uuf armaan gaditti dhiyaataniiru.

#### 2.1.2.1. Hojiiwwan Harkaa

Hojiiwwan harkaa kanneen jedhaman kan hawaasni meeshaalee dheedhii naannoo isaatti argamu gargaaramuun, ofii isaatiin itti yaadee kalaquun haala salphaa ta'eefi teekinooloojii naannawa isaatti argamu fayyadamuun yeroo hedduu harkaan oomishaman hammata. Hawaasni meeshaalee kanneen jireenya guyyuu keessatti oomishaalee garaagaraa ittiin oomishuufi fedhiiwwan bu'uraa adda addaa ittiin guuttachuuf kan itti fayyadamuu dha. Kunis akkuma tajaajila garaagaraa qabu, moggaasa garaagaraas ni qabaata.Kanneen keessaa muraasni hojii mukaa, hojii waraqaa, rifeensa, gogaa, gaanfa, sibiila, dhagaa, supheefi kkf maqaa dhahuun ni danda'ama. (Solomon 2007:251)

Meeshaaleen hojii harkaatiin oomishaman kunniin hedduun isaanii garee hawaasaa murtaawaniin kan raawwatamaniifi sanyii dhahatanii kan daddarbanii dha. Meeshaalee haala kanaan omishaman hawaasni dhimmoota garaagaraatif itti gargaarama. Kanneen keessaa meeshaalee qonnaa, qottoo, qotaa (maarashaa), harqootafi kkf. meeshaalee mana keessaa eelee, gombisaa, gaanii, huubboo ottee, gabatee, okolee, unkoolaa, gundoo, hingaabii, buchuma,

leemmatii, saaxaraa, qalqalloofi kkf. meeshaalee waraanaa eeboo, gaachana, giillee,fi kkf. meeshaalee ittiin waa muran haaduu, gajaraa, qoncooraafi meeshaalee biroo kanneen akka siree, barcuma, saanduqa, minjaalafi kanneen biroo maqaa dhahuun ni danda'ama. Solomoon (2007:251)

### 2.1.2.2. Ogummaa Aadaa

Hawaasni ogummaa mataa isaa fayyadamuun haala eenyummaa, ilaalchafi kkf agarsiisun wantoota naannoo isaatti argamu irraa kan hojjetaniidha. Looriwwan akaakuu aadaa meeshaa kana jalatti ramadaman hedduudha. Kanneen keessaa akka Solomon (2007:255-266) ibsetti; bocawwan, fakkii aadaa, meeshaalee muuziqaa fi kkf fa'i. Haaluma kanaan akka fakkeenyatti supheerraa okkotee dhahuun, fakkiiwwan garaagaraa (gootota) harkaan bocuun tolfaman wantoota miidhaginaaf fayyadan fakkeenyaaf guutuu manaa, keenyaa manaafi kkf meeshaalee muuziqaa aadaa kanneen akka: ximboo, dibbee, ulullee akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

### 2.1.2.3. Aadaa Nyaataafi Dhugaatii (Folk Food and Drink)

Aadan nyaatafi dhugaatii hawaasa tokko keessatti kan amaleeffatameefi naannawa tokkotti barameen gosoota nyaataafi dhugaatii hawaasa naannoo tokkoon oomishamu of jalatti hammata. Akka Solomoon (2007:274) ibsetti; aadaa nyaataa yookan dhugaatii kanneen jedhaman, wantoota nyaata yookan dhugaatii irraa tolfaman, haala nyaatni ykn dhugaatin itti qophaa'u, haala nyaatni ykn dhugaatin itti dhiyaatu, tooftaa nyaatni ykn dhugaatin yeroo dheeraa itti turuu danda'u, nyaata ykn dhugaatii amantaan walqabatee dhiyaatu, nyaatni ykn dhugaatichi faayidaa hawaasummaa inni qabu, moggaasa nyaataa dhugaatii sanaaf kennamuufi dhimmoota garaagaraa hedduu of jalatti hammata.

### 2.1.2.4. Uffannaa Aadaa

Uummanni wantoota naannoo isaatti argamu gargaaramuun ogumma harkaa mataasaa fayyadamuun uffannaa adda addaa hojjetuufi dhalootaa darberraa dhaloota dhufutti darbaa ture of jalatti hammata. Solomoon (2007:276) akka ibsetti; uffannaa aadaa iddoo lamatti qoodun ilaalun ni danda'ama. Isaanis: uffannaa aadaa guyyuu itti gargaaramu fi kanneen guyyoota amantaa, ayyaanaafi kkf qofa uffataman dha. Uffannaan aadaa garaagaraa hawaasa tokko

keessatti tajaajilu amantaa, falaasama, sanyii, sabummaafi kkf agarsiisurratti iddoo olaanaa waan qabuuf, akka fakkoommii fi akka eenyummaa garee hawaasaatti tajaajilu.

### 2.1.3. Aartii Sochii Qaamaa

Aartin sochii qaama hawaasaa, gosa aartii hawaasaa keessaa tokko ta'ee ogummaan isaa sochii qaamaan kan mul'atuudha. Aartin sochii qaama hawaasaa; hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti faayidaa adda addaatiif bifa ogummaa guuten, muuxannoo yeroo dheeraa irraa argateen kan kalaqeedha. Gosni aartii kun qaama keenya keessaa kutaa qaamaa hanga ta'een, jechuunis harka, miila, mataa, fuula, mudhii, mormaafi kkf keessaa gara caalu sochoosun kan raawwatuudha. Aartin sochii qaamaa sirba, sochii qaamaafi diraamaa kan of keessaa qabuudha.

Iristeen (2012) aartii sochii qaamaa waraqaa qorannoo ishee keessatti akka ibsitetti, "aartin duudhaa ogummaa hawaasa tokkoo yoo ta'u, gosa mul'ina fookloorii, bifa faaruwwan duudhaa, ragada, diraamaa, tapha fardaafi kkf kanneen sochii qaaman qindaa'anii dhiyaataniidha." Aartiin duudhaa kalaqa aadatiin kan argame yoo ta'uu, ogummaa sochii qaamatiin qindaa'ee waan dhiyaatuf dandeettin fedhii nama hawwachuu isaa cimaadha. Kanaaf haala salphaan fookloorii uummata tokkoo calaqqisiisuu fi dhalootaa dhalootatti dabarsuu kan danda'uudha.

Fookartiin beekumsa hawaasaa ta'ee kan gochaan darban of keessatti hammata. Isaanis dhaamsa darbu tokkorratti fuulaan, harkaan sagalee gadbuusuufi ol kaasufi gadi buusan kan dubbii caalaa gochaan mul'atuudha. Inni Sochii qaamaa waliin walqabatee gaddaafi gammachuu, bali'naafi dhiphina garee hawaasaa keessatti sochii qaamaa mul'atu, fakkeenyaaf, yeroo dhiichisni, shaggooyyen, geellon, geerarsi, sirbamu akkasumas booyicha nama du'eerratti sochii qaamaa mul'atu. Aartiin sochiin agarsiifamu inni tokko isa tokko keessatti mul'atu waliin raawwatamuu danda'u (Dorson (1972:4).

Aartiin sochii qaamaa goorowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, raawwii namni tokko yookin gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawaa ta'etti raawwatuu dha. Yaada kana fakkaatu Sims and Stephens (2005:128) yoo ibsan; "Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to happen, a recognized setting must exist (we have to know a performance is taking place) and participants (performers and audience) must be present." Akkuma yaada waraabbii kanarraa hubatamu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf,

yoomessa (yeroofi bakka) qabatamaa, hirmaattota (dhiheessitootafi jamaa) dirqamatti barbaachisa.

### 2.1.3.1. Muuziqaa Aadaa

Muuziqaa aadaa muuziqaa ammayyaa irraa kan adda taasisu; aadaa, seenaa, naannoofi kkf hawaasa tokkoo kan ibsu; yeedalloo aadaa kan fayyadamu, dhikkisni sagalee kan aadafi meeshaaleen muuziqaas wantoota naannotti argaman irraa kan tolfamaniifi aadaa hawaasa tokkoo kanneen calaqqisiisan akka ta'e Solomon (2007:215) ibseera. Kana malees, muuziqaan aadaa bifa adda addaatin waan dhiyaatuf yeroo mara jijjiirrama keessa jira. Sababiin isaas walaloon yeedalloon, qindoominniifi kkf afaanin (oraly) daddarbaa waan deemuf inni dhiheessu osoo hin beekin yookan beekes akka jijijjiirramu gochuu danda'a.

### 2.1.3.2. Sochii Qaamaa

Hawaasni tokko muuziqaa aadaa wajjin ta'uun, uffannaa aadaa mataasaa uffachuu, meeshaalee muuziqaa aadaa, wantoota naannoo isaa jiran irraa hojjetaman harkatti qabachuun sochii qaamaa akka aadaa saba tokkootti taasifamuudha. Haalli sochiin qaamaa kunniin itti raawwatamus ol utaalun, lafarra socho'uun, iddoo tokko dhaabbachuuni fi kkf akka ta'uu danda'u Solomoon (2007:216) ibseera.

Sochiin qaamaa sabuma tokko keessattis ta'ee saboota garaagaraa keessatti haala garaagaraatiin kan raawwatu yoo ta'u; moggaasa garaagaraas ni qabaata. Fakkeenyaaf, shaggooyyee (harar), dhiichisa, ragada, shubbisa,  (shawaa), tirrii (arsii), caasaa roobaa (karrayyuu), geelloo (wallaga), leemboo (sidaamaa, sellemmee (haadiyyaa) fi kkf. maqaa dhahuun ni danda'ama.

### 2.1.3.3. Diraamaa Aadaa

Diraaman aadaa dhimma hawaasummaa tokko bu'uura godhachuun taatota garaagaraa keessatti hirmaachisuun waltajjiirratti daawwattootaf kan dhiyaatu ogummaa aadaati. Yaada kana fakkaatu Solomoon (2007: 246) akka ibsetti; diraaman aadaa of danda'ee hawaasa keessatti kan qophaa'u miti: sirna kabajannaa, ayyaana, muuziqaa aadaa, sochiiwwan qaamaa, ogafaan, taphoota, amantaafi fooklooriwwan biroo yommuu raawwataman  sochiiwwan, haala dubbiifi kkf bu'ureeffachuun kan hawaasni waliin raawwatuudha. Fakkeenyaaf iddoowwan jaarsummaa, cidha, boo'icha, dhukkubsattoota yaaluu, ateetee facaasuunfi kkf.

### 2.1.3.4. Jijjiiramummaafi Itti Fufaatii

Adduyaan dhalli namaa har'a keessa jiraatufi kan kaleessaa tokko jechuun hin danda'amu. Wanti hundi jijjiirama keessa jira. Jijjiiramni kunniin immoo kallattii garaagaraan mul'achuu danda'a: siyaasaan, diinagdeen, hawaasummaan, amantaan, aadaan, afoolaan, gochaan, meeshaalee itti fayyadamaniin, ilaalchafi kkf akka fakkeenyaatti kaasuun ni danda'ama.

Yaaduma armaan olii kana William Bascom (1962:1-2) yoo ibsu, culture various from group to group and from one period of time to another within any single group. From this follows aprinciple of fundamental scientific importance and as regards the people of has been learned can be modified through further learning, habits, customs, beliefs, social structures and institutions can change. Yaada waraabbii kanarraa akkuma hubatamu, aadaan gareedhaa gareetti, akkasumas yeroodhaa yerootti  hawaasa tokko keessatti garaagarummaa ni qabaata. Yaada murteessaafi barbaachisaa kanarraa wanti yaadamu, uummanni barate jedhamuyyuu yeroodhaa yerootti itti fufee barachuun haala duraa irraa ni jijjiirrama.

Hayyuun ibid (1992:3) yommuu ibsu, "both as individuals and as groups Africans have reacted differently to the innovations with which they have been presented." Yaadni kun Afrikaan akka dhuunfattis ta'ee, akka gareetti ce'umsa haaraa garaagaraatiin akka walfudhataniifi haala garaagaraan jijjiirrama keessa akka jiran agarsiisa. Yaada kana bu'uura godhachuun haala qabatamaa naannoo keenyaa yoo ilaalle, kallattii garaagaraatiin jijjiiramni ni jira. Kunis aadaa, duudhaa, sirnoonni, meeshaalen, afoolli, walumaagalatti dhimmoonni duudhaa eeggatanii dhalootaa dhalootatti darbaa dhufan kallattii hedduun jijjiirramaniiru.

### 2.1.4. Duudhaa Hawaasaa

Duudhan hawaasaa wanta aadatiin walitti dhufeenya guddaa qaba. Hayyuun Dorson (1972:3) yaada kana yoo ibsu, "duudhan hawaasaa hariiroo (walitti dhufeenya) garee irratti kan xiyyeeffatuudha."  Duudhaan hawaasaa uummata keessatti umurii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee kan fudhateedha. Kutaaleen hawaasaa tokko waliin jireenya hawaasummaa yeroo dheeraa keessatti dhimmoota garaa garaatirratti aadaa kuufatan qabu. Aadaan kuufatan kun immoo eenyummaa isaanii ibsa. Kunis, waa'ee aadaa dhimma ta'e tokko

hawaasa isaatii alatti kaasun dhaadhessuun rakkisaa akka ta'e namatti agarsiisa. Kanarraa ka'uudhan aadan mallattoo eenyummaa saba tokkooti jechuun ni danda'ama.

Amantaanis duudhaa hawaasa tokkooti. Waa'ee amantii tokkoo yoo dubbannu aadaniifi ilaalchi saba amantiin sun keessaa baheetin adda baasnee ilaalun rakkisaadha. Waaqeffannaanis amantii saba Oromoo kan duudhafi aadaa isaatin wal qabate ta'uun beekamaadha. Maammon (2013:223) yaada kana yoo ibsu; aadan haala jiruufi jireenya saba sanaa guutumaa guututti kan hammatuudha. Kanarraa ka'uudhan amantiin qaama aadaa keessaa tokko ta'uu hubanna.

Sabni kamiiyyuu akkaataa itti waaqa isaa kadhatu kan mataa isaa qaba. Uummanni Oromootis akkatti waaqa isaa kadhatu kan mataa isaa kan qabuufi amantii Oromoo kan ganamaa waaqeffannaa jedhamu qaba. Waaqeffannaa jechuun waaqa tokkotti amanuu jechuudha. Yaada kana Dirribiin (2013:8) yoo ibsu; hiikni maqaa wanta tokkoo gochaafi amala wanta tokkootin kan walqabatu ta'uu yoo ibsu, “Waaqeffannaa jechuun amantii waaqa tokkoo ayyaana dirreefi duudhaa lamaan namaa amanuufi kadhachuuti” jedha. Ayyaana dirree yoo jedhus malkaa, tulluu, hora, burqaa, caffee, siidaa, odaafi kkf jechuudha. Yaaduma hiika waaqeffannaa kana Maatin (2006:45) yoo ibsu, “jechi Waaqeffannaa kan dhufe jecha afaan Oromoo ‘Waaqa’ jedhurraa lachifameeti. Waaqa jechuun uumaa waan hundaa kan namaa olitti argamuudha. Akka amantiitti garuu, waaqa jechuun uumaa waan hundaa, kan waan mararratti aangoo olaanaafi isa dhumaa qabuudha.” Akka yaada kanaattti waaqeffannaa jechuun sirna amantii waaqa tokkichatti amananii buluudha. Kanumaan walqabatee Leellisaan (6413:109) akka lakkoofsa waaqeffannaatti yoo ibsu; “Waaqni uumaa waan hundaati, kan bara baraan jiraatu, jiraataa fulla'aa, dachiifi samii, qoloo yookan ciicoo waa hundi keessa jiraatu kana kan uumefi tiksee jiraachisu waaqa tokkicha. Wanni waaqa duuba jiraachuu danda'u tokkollee hin jiru.” Akka yaada kanatti waan dachiifi samii kana uume akka safuun hin cabne kan waaqaa qofa ta'uu ibsa.

### 2.1.4.1. Ayyaana

Waaqeffannaa keessatti uummannis ta'ee, uumamni hundi ayyaana mataa isaanii ni qabu. ayyaana mataa isaanitin bulu. Ayyaana kana ijaan arguun hin danda'amu. Ayyaana ayyaanan beekan malee ijaan hin argan. Yaada kana Maatin (2006:157-58) akka ibsetti;

> *Ayyana jechuun mil'uu waaqaa kan waaqni ittiin uumama mara uumee qajeelchudha. Ayyaanni wanti tokko akka dhalatu kan taasisu, erga dhalatee boodas wanti sun akka ittiin mul'atuufi qajeelfamu kan sirreessee qabuufi*

> *too'atuudha. Kanaaf, ayyaana jechuun mil'uu wanti tokko akka uumamu kan godhuufi erga uumamee boodas akka jiraatufi sirnaan akka socho'u too'atee eegudha. Waaqeffataan akka amanutti wanti uumame cufti ayyaana waliin dhalatu kan mataasaa ni qaba. Ayyanni kan dhalootan argatan; ayyaanni namaa hin du'u hin badu. Namni du'us ayyaanni labataa labatatti darba malee hin du'u. Namni kamuu ayyana mataa isaa qaba. Guyyaanis ayyaana mataa isaa qaba.Wanti hundi ayyaana kanaan dhufa; ittiinis jiraata. Sirni dhugeeffannaa Oromoo waaqeffannaa, amantaa, ayyaanafi ayyaantun qajeelfamuudha.*

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti ayyaanni mil'uu waaqa kan ijaan hin mul'anne uumamnis ta'ee uummanni duudhaa isaa eegee akka jiraatuf kan nagaa buusu, kan tiksu ta'uu hubachhiisa. Ayyaana ilaalchisee falaasamniiifi aadan amantaa Oromoo akkaataa itti ibsaniifi dhugeeffatan Alamaayyofi kaawwan (1998:53) akka kanaan gadiitti kaa'aniiru.

> *Falaasamniifi aadan amantaa Oromoo kuush durirraa madde kun seera uumaafi uumamaa irratti kan hundaa'e ta'ee, waaqni ayyaana adda addaan uumama adda addaa akka uumefi uumaa jiru kan dhugeeffatuudha. Akkanaan, uumamni kamiiyyuu ayyaana ittiin uumame yookin dhalate kan mataa isaa qaba. Kunis ayyaana dhalootan yookin uumamaan waaqarraa kennamuufidha. Namni kamiiyyuu ayyaana isaa waliin akka dhalatu amanama. Ayyaanni kun uumama kamiiyyuu keessatti waaqni ittiin addeeeffamu yookin mul'atu. Ayyaana gaaris ta'ee gadhee yookan badaa waaqatu kennaaf. Carraa gaaris ta'ee gadhee kan namoonni qaban, ayyaana dhaloota isaanitiin qaban irratti hundaa'a.*

Akka falaasama duudhaa Oromootti ayyaanni maqaa, guyyaa, carraafi afuurri waaqaa kan ittiin addeeffamu jechuun ni danda'ama. Ayyaanni karaa waaqni uumama isaa mara waliin walqunnamuufi uumama mara ittiin qajeelchuudha. Malkaan, tulluun, guyyaan, namni, bineensotniifi kkf hundi ayyaana isaan eegufi isaan qajeelchuu qabu. Akka fakkeenyaatti dooraan ayyaana bneensaa, maaram ayyaana deechuu (deessuu), ateeteen ayyaana dubartii, Boorantichi ayyaana angafaa, golfaan ayyaana qe'ee, ayyaana maatiifi kkf maqaa dhahuun ni dandaa'ama. Akka Maatiin (2006:227) ibsetti

> *Ayyaani akka amantii waaqeffannaatti akkaataa kabajama isaan iddoo lamatti qoodama: ayyaana mo'aafi ayyaana galatooti. Ayyaana mo'aa jechuun ayyaana warraafi maatii humnoomsee moosisuudha. Maatiifi warri ayyaanaa waaqaan guutamanii waan gaariifi qajeelaan gara egeree gaariifi qajeelatti akka fulla'an taasisa. Ayyaanota mo'aa warri jedhaman kanneen akka: aarsaa, gindiikaa, gijaareefi urgooftuu fa'a. Ayyaana galatoo jechuun ayyaanota kabajamoo waaqeffattoonni dhuunfaan akka maatiitti, gamtaan akka jamaatti walgahanii ayyaaneffataniidha. Achiinis ayyaana moofaafi dulloomaa keessaa muuxatanii bahuun ayyaana haaraafi jabaa dhuunfatan. Kun immoo, Waaqeffattoota haaromsee humneessun abdii egeree akka horatan taasisa; kanaafis, ayyaanonni*

*kunneen dhalootaa dhalootatti fulla'inaan kabajamaa ayyaaneffatama. Ayyaanota galatoo waaqeffattootan ayyaaneffaman kanneen akka: Boorantichaa, taaboree, ilillee, ifaanoo, irreecha, birboo, wadaaja, buttaa, cooraafi ateetee fa'a. Walumaa galatti, sirna ayyaaneffannaa ayyaanotaa kamuu jaataneessan yookin raawwataman hunda dura waaqa ofii yookiin isaan uume kadhatu, faarfatu, akkasumas galateeffatu.*

Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda'amutti ayyaanni kan waaqeffattoonni damee dameetti qoqqoodudhaan akka barbaachisummaa isaatti gareedhan yookan ammoo sadarkaa maatitti kabajaniidha. Akkasumas ayyaanni Boorantichaa ayyaanota Oromoon bal'inaan kabaju keessaa tokko ta'ee galatoodhaf yookan kadhaa waaqaa taasisuudhaf kan kabajamu ta'uu isaa kan ibsuudha.

### 2.1.4.2. Waaqaafi Waaqeffannaa

Waaqaafi waaqeffannaa yeroo jedhamu waaqa yoo jennuu jechi Waaqeffannaa jedhu ammoo jecha Waaqa jedhurraa kan dhufee yoo ta'u Waaqa jechuun uumaa dacheefi ruudaa , namaafi uumama kan namaa olitti argamuudha (WADO, 2006:45).

Duudhaalee Oromoo keessaa yaadrimeen Waaqaa dubbii Oromoon guyyaa guyyaa taasisan, makmaaksota, hiphoowwan, keessatti baay'ee kan mul'atuufi ilaalcha addunyaa Oromoo mara kan ammateedha. Qorattoonni seenaafi, aadaafi safuu hawaasa hedduu haala dhugaa Oromoon Uumaa Hunda caalu Waaqa amanuu ibsaniiru. Haata'u malee yadrimeen Oromoon Waaqaaf jedhu dogoggorraan kan bakka bu'e ykn haala ga'umsa hin qabneen kan ibsame fakkaata. Daniel Ayana (1984:7) Job Ludolphus (1982:114) wabeessuun barreeffama jaarraa 19ffaa keessatti Oromoon akkuma Uumaan Hunda Caalu adddunyaa kana bulchu , jannanni ilaachota Oromoo hunda kan hammatuudha jedhee lafa kaa'erera. Kunis ibsa qabatamaa yaadrimee Waaqaaf kennamu yoo ta'u akkataa hiika Job Ludolphusitti yaadrimee Waaqa jedhuuf hikawwan walitti diyaatan lama bakka bu'a. Isaanis jannataafi Uumaa yookan Waaqa.

*mallattoon amantii Waaqeffannaa kallachaafi caaccuu angafa Oromoo Booranichaafi Booranittii biratti beekamanidha. Kallachi sibiila qulqulluu Waaqa biraa yemmuu Waaqni araarame bu'u. Sibiilli kun Waaqa biraa waan dhufeef qulqulluudha jedhamee amanama. Nama kallacha kana seeraan qabate irratti ayyaanni Waaqaa ni mul'ata (madda Raga, Gammadaa Guddataa). Calleenimmoo teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamteefi miidhagduu kan haati ateetee qabattuudha. Bakki sagada Waaqeffannaa*

*burqaa / laga cina, tulluu irra /jala fi Odaa / muka gaaddisa qabu jalatti. Sababiin isaas Waaqayyo bakkeewwan hunda jira jedhamee waan amanamuufi.*

Walumaa galatti Oromoon Waaqni hunda caalu yoomiyyuu  jiraachuu isaa amanuu irraa kan ka’e jiruufi jireenya isaa guyyaa irraa guyyaa keessatti uumama Waaqaa dinqisiifachuun samii mana Waaqaa jedhanee harka ol  facaasuu Waaqa kadhata (Yilma Deressa, 1958:223) . Haaluma kanaan amantii dhuudhaa Oromoo keessatti Waaqni Uumaa Hunda caaluufi hunda uume yoo ta’u Waaqeffannaaanimmoo amntii duudha Oromoo isa jalqabaa ti. amantiin waaqeffannaa seera sagadaafi mallattoo mataa isaa qaba. Akka Hayiluu Bantii (1997:91) ibsutti

### 2.1.4.3. Ayyaanota gurguddoo Oromoon Kabaju

Akkuma waaqeffattoota addunyaa kana irra turaniifi yeroo ammaa jiran ayyaanota mataa isaanii qabaatanii kabajatan Oromoonis kan mataa isaa qaba. Ayyaanota bebbeekamoo gurguddoo Oromoon kabaju keessaa ayyaana Qaalluu, ayyaana irreechaa, ayyaana ateeteefi ayyaana Boorantichaa fa’a. Mee ayyaanota bebbeekamoo gurguddoo Oromoon qabu keessaa kan qorannoon kun irratti xiyyeeffate ayyaana Boorantichaa yaa ilaallu.

#### 2.1.4.3.1. Booranticha

Ummaanni Oromoo uummata bal’aa aadaa, duudhaafi amantii isaa jabeessee dhalootaa gara dhalootatti cimsee dabarsaa dhufeefi uummata kaaba baha Afrikaatti argamuudha. Kana ilaalchisee Ibsaa (2002:5) akka ibsutti; “uummanni Oromoo uummata kaaba baha Afrikaatti argamuufi baroota dheeraa keessa sirna aadaafi amantaa qonnaan jiraatan sulula laga Abbayaa ‘Oosiris’ qabatee kan tureedha” jedha. Akka yaada qorataa kanaatti qaroominni addunyaa kanaa kan eegale naannoo laggeenitti ta’uu isaati. Kana malees dhufiinsi amantaa waaqeffannaallee dhufiinsa qonna ammayyaa naannoo laggeenitti jalqabe kana umuriin isaanii baay’ee kan ture akka ta’eefi falaasamni amantaa Oromoos yeroo sana irraa eegalee dhalootaa dhalootatti darbuun har’a kan gahe ta’uu hubanna.

Booranni ilma Oromoo kan jalqabaa yookan hangafaa waan ta’eef amantaa abbaa isaa jabeessee qabachuuf akkasumas, waaqa waan hunda isaaf gumaache kadhachuufi galateeffachuuf ayyaana Boorantichaa kan ayyaaneffatee kadhaafi galatoo waaqaf dhiyeessudha.

Boorantichi ayyaana angafaa kan sanyiin faca’ee, lalisee firiii gaarii akka godhatu kan eegu, nama nagaan akka bobba’ee galu kan eegu, kan loon bobba’ee mooratti akka nagaan galu, qe’ee

namaa nagaan akka jiraatu kan taasisu Arfaasan robe akka waju kan godhu ayyasana angafaa uummata Oromoo biratti kabajaafi jaala guddaa qabuudha. yaaduma kana Leellisaan, (6413:121) akka lakkoofsa gadaa Oromootti yoo ibsu;

> *Booranticha jechuun isa kan Booranaa, isa kan angaftichaa jechuudha. Oromoon angafaaf kabaja guddaa qaba, kanaaf ayyaana isa kan angafaa sana kabaja. Booranticha yeroo jennu Booranaafi qabeenya isaa walitti daballee dubbanna, ayyaana isa kan Booranaa jechaadha. Akkuma Oromoonni maqaawwan/ maqaalee kamiifuu ibsituu maalummaa yookan qabeenyaa itti maxxansanii waliin waaman sana, jecha Boorana jedhuufi waan inni qabu itti maxxansanii dubbatu. Fakkeenyaf Tuulama=Tuulamticha, Macca=Maccicha jedhu.Fakkeenya biraa ammoo kan Boorantichaan wal fakkaatu tokko, jaarsoleefi jaartoleen Oromoo Maccaa waaqa Maccaa yookan ayyaana Maccaa yeroo waaman, "yaa gooftaa Maccaa ykn isa Maccichaa" jedhu. Booranticha jechuun, akka alagaan yookan Oromoonni wallaalon jedhan sana humna addaa 'seexana/sheexana' jedhanii ololan yookan hubatan miti.*

### 2.1.4.3.2 Ateetee

Ayyaaneffannaalee amantii dudhaa Oromoo keessaa tokko ateeteedha. Ayyaneffanaan kun uummata oromoo biratti, magaalaafi baadiyyaattillee ni rawwatama jedhama. Baxter (1979:1) akka ibsutti; ayyaaneffanaan ateetee kan addaa ta'eef dubartoota Oromoo keessattuu warra Booranaatiin hedduu kan raawwatamu waan ta'eefi jedheera.

Daniel Ayana (1984:35 ) *akka ibsutti;* ateeteen akka ayyanaatti ykn akka afuuraatti kan muldhattu otoo hin ta'iin namni dhala argate Maaram galata galfachuuf ykn maseenni ilmoo akka argattu ayyaaneffannaa taasifamuu jechuun ibsa. *Daaniyaa (2007: 237*-330) ateeteen ayyaana sanyiifi hormaataa kan dubartiin arfaasaafi birraa ayyaaneffatu yoo ta'u dubartooni akka ayyaanni dhala isheef kenne guddisuuf, nageenyaafi gammaachuun jiraachuu, hormataafinageenyaa akka argatan Waaqa galata galfatu. Sirni isaas facaafachuun waan raawwatuuf yeroo tokko tokko ateeteen ayyaana facaasaa jedhamti.

### 2.1.4.3.3 Irreechaa

Ayyaanneffannaa irreechaa dhaloota Kiristoosiin dura Oromoo Waaqa tokkichatti amanuun kan irreenfatamaa tureedha. Amantiin kun yeroo rakkooleen adda addaa hongee, beela hamaa , balaa uumamaafi, yeroo rakkooleen dhuunfaa, oomishti baduu, dhibeefi walitti bu'iinsa isaan quunname jireenya Oromoof murteessaa dha. Karaa birootiin ayyaannaan irrechaa jechuun dukkana gannaa bira darbanii booqaa birraa arguun kan nama ga'e Waaqa galata galfachuuf kan

ayaaneffatamuudha. Ji'a birraa isa dukkana irraa gara ifaatti ba'u isaaniif Oromoon ayyaana irreechaa erga Masqala gubeen booda ji'a Fulbanaa keessa ayyaaneffata.

Jechi 'irreecha' jedhu maqaa ayaaneffannaa malee hiikni ijoo isaa maqaa marga adda ta'e marga coqorsaa bakka bu'a. Erreechi marga dheeraa yeroo mara Waaqa galateeffachuuf muka jalatti ireenfatani (Tilahuun Gamtaa ,1989:3190). Coqorsi gosaalee marga biroo keessaaa irreenfannaaf kan filatamuudha. Sababiin isaas margi kun akka gosa marga biroo yeroo bonaallee kan hingogne waanta'eefi. Margi kun yeroo hunda jiidhina kan qabu, dheerina kan qabuufi lafa irraa kan lo'uu waan ta'eef mallattoolee kan akka abdii, hormaataa, umrii deeraafi guddinaa agarsiisa Yeroo hunda jiidhaa ta'uun isaa mallattoo jireenyaa ti.

Akkuma ibsame ayyaaneffannaalee irreechaa Oromoon raawwatu keessaa bal'inaan kan ayyaaneffatamu ayyaana irreechaa waggaa waggaatti Hora Arsadii , Bishooftuutti raawwatamuudha. Oromoo qofa too hinta'iin namootiin biroo illee ayyana kana irratti waan hirmaataniif amantiin Waaqeffanna baay'ee barbaachisaafi fudhatama qabaachuu isaa agarsiisa.

Walumaagalatti ayyaanni irreeffannaa sadarkaa hawaasa addaddaatti kan kabajamu, yeroo addaddaa kan kabajamufi seera , safuufi mallattoo garagaraa kan of keessatti qabatuuddha. Ayyaanni kun yeroo ammaa baay'inaan namoota Oromoofi Oromoo hintaaneen , namoota amantii garagaraatin yemmuu kabajamuu waan huda caala Waaqa waan hunda jireenya lubbuu isaanitiif kenne galata galfachuuf irreeffatu. Kanafuu, ayyaaneffannaan irreechaa sirna amantii duudhaa Oromoo ,Waaqeffannaa keessaa isa guddaadha.

### 2.1.4.4. Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa

Barreeffama qorannoo kanaa keessatti maalummaan ayyaana Boorantichaa, ayyaanni Boorantichaa waggaatti yeroo meeqa akka kabajamu. Waqtiilee kamfaa akka kabajamu ibsamee jira. Mata duree kana jalatti ammoo ayyaana Boorantichaa irratti maaltu jalqaba raawwate, maaltu ammoo itti aanee raawwate, maaltu dhuma irratti raawwate kan jedhu ilaalla.

Akka qorannaa kana keessatti ragaadhan deeggaramuudhan ibsametti, uummanni Oromoo aanicha keessa jiran, duudhaa isaanii dur irraa ka'anii kabajaa dhufan kun yeroo ammaa kana dagatamaa kan dhufe ta'uufi akka ayyaana angafaatti kabajamaa kan ture ta'uu ibsameera. Ayyaana qe'eetis jedhamee akka kabajamu ibsamee jira. Kunis kan kabajamu waggaatti si'a

lama ji'oota Onkololeessaafi Caamsaa keessa guyyaa sanbata xiqqaafi guyyaa wiixataa yoo ta'u; gara galgalaa yeroo aduun lixuuf deemtu tilmaaman naannoo sa'aatti kudhanmii irraa eegalee kabajamuu jalqaba. Ayyaanni kun yeroo kabajamu akkuma ayyaanota biroo qophiin taasifamu ni jira.

#### 2.1.4.5. Kabaja Sirna Raawwii Ayyaaneffannaa

Kabajni sirna ayyaaneffannaa kabaja sirna ayyaaneffannaa hawaasa tokkoo, amantiifi aadaa ofii kan ittiin mirkaneeffataniidha. "This rituals are also bridges-reiable doing carring people across dangerous waters. It is no accident that many rituals rites of passage" (Erika Fishcher, 2005:36). Akka yaada kanaatti miseensi hawaasa sirna kanaa yommuu gara sadarkaa birootti ce'umsa godhu sirnicha hawaasichi akka riiqicha cee'umsaatti ittiin gargaaramuun ta'a.

Sirni raawwii ayyaaneffannaan ittiin beekamuufi akkaataan itti raawwatamu ibsamuun kanneen hawaasicha keessatti akka tasaa adda tahanii uumaman ibsuuf akka ta'e hayyuun Dorson (1972:16) akkas jechuun ibsa. "Festival activities where thus construed as symbolical representation of situations the participants would like to occur" jechuun ibsa.

Aadaafi ayyaaneffannaan raawwii tokko malee adeemsifamuu hin danda'u. Kanaaf, sirni ayyaaneffannaa aadaa tokkoo gara raawwiitti yoo jijjiiramuu baate lubbuu qabaachuu hin dandau. Aadaafi ayyaaneffannaan kan addaan bahee hin ilaalamneedha. Yaada kana hayyuun Rapaport (1992:250) akka ibsutti, "If there is no performance there is no ritual: performance it self is an aspect of that which is performed. The medium is part of the message is encorded in the ritual" jechuun akkaataa mul'atu akka ta'eefi kan mul'atu kunis ergaan isaa raawwiin akka mirkanaa'us ni ibsa.

Raawwiin amala fookloorii hundaa akka ta'es hayyuun Smis and Stephans (2005:128) akkas jechuun yaaduma armaan olii deeggaruun "All expression of folklore are performance, nonetheless" jedhu. Akka yaada kanaatti; sirni ayyaaneffannaa erga jiraatee raawwii mul'atus jiraachuun dirqama. Sababnisaas fooklooriin kamiyyuu yoo raawwii hin qabne itti fufinsa qabaachuu hin dandau. Akkasumas, ergaan kabaja ayyaaneffannaa keessa jiraatus darbuu hin danda'u.

Erga raawwiin ayyaaneffannaa aadaa hawaasaa kaayyeffatee darbu tokko erga isaas hanguma sana kan walqabate ta'a jechuun hayyoonni ibsu. Kana malees, akkaataan raawwii aadaa hawaasa tokkoo ta'eewwan wajjiin walqabsiisun tokkummaa qabaachuu isaanis ibsaniiru.

Raawwiin sirna hawaasa tokkoo keessatti dursee wanti beekamuu qabu yoomessa raawwii sirnichaati. Dabalataanis, jalqabaafi xumura raawwichaas beekuun dirqama. Yaaduma kana Mahaammad (2015:28) Bachman wabeeffachuun waraqaa qorannoo isaa keessatti akka ibsetti, "First of all such event tend to be scheduled set up and prepared for in advance. In addition they are also spatially bounded is enacted in space that is symbolical marked off, temporarlly or permanently". Akka yaada kanaatti sirni kabajni ayyaana akka sagantaatti yeroo itti raawwatu, eessatti akka raawwatu, eenyuun akka adeemsifamu ni beekama.

Walumaagalatti adeemsafi raawwin ayyaaneffannaa uummata uummata kamiiyyuu keessatti ayyaanni tokko yeroo itti raawwatuufi eessatti, eenyun akka raawwatu kan mataa isaa qaba. Ayyaanni Boorantichaatis akkanuma yooomessa mataa isaafi adeemsa mataa isaa kan qabuudha.

#### 2.1.4.6. Dhiibbaalee Duudhaa Oromoo Irra Qaqqaban

Uummanni Oromoo saboota addunyaa kanarra jiran keessaa aadaa dureessa warra qaban keessaa isa tokko yoo ta'u, humnoota adda addaan yeroo addaa addaatti dhiibban irratti gaggeeffamaa tureera. Amantii, duudhaalee Oromoofi ayyaaneffannaalee isaa akka laafaa deemu kanneen taasisan hedduutu jiru. Isaan keessaa muraasa fudhannee haa ilaallu.

##### 2.1.4.6.1. Amantii Kiristaanaa

Toleeraafi Hundasaa (1995:57) akka ibsanitti, "Amantiin kiristaanaa erga jaarraa 4ffaa biyya Habashaa seenee amantii warra mootii ta'ee mootonni habashaa ofiifis fudhatanii saboota kaanis fudhachiisaa turaniiru. Imaammanni kunis mootii tokkorraa gara mootii tokkotti darbaa tureera". Akka yaada kanaatti, mootonni habashaa amantii kiristaanaa erga fudhatanii booda saboota biroo dhufaa darbaa kan fudhachiisaa turan ta'uudha.

Haaluma kanaan amantii ortodoksii humnaan fe'amaa tureera. Amantii kun amantii duudhaa Oromoo, aadaafi seenaan isaa akka hacuucamufi badu gochuu qofa osoo hin taane haala hojiifi guddina diinagdee naannoo sanaa irrattis miidhaa guddaa fideera. Fakkeenyaaf, guyyoota ayyaanaa hedduu hojii lagachuu, yeroo dheeraa soomuufi mana amantiitti yeroo isaa dabarsuu

fa'a. Oromoon maqaa hammachiisaa gatee maqaa kiristaanaa moggaafatee eenyummaa isaa akka dagatu taasifameera. Damee amantii kiristaanaa kan ta'an kaatolikiifi miisiyoonin amantiin duudhaa Oromoofi aadaan isaa akka baduufi moggaatti darbamuuf ga'ee olaanaa taphataniiru. Daani'eel (1983:121) akka ibsetti, harki caalmaa lixa Oromiyaa keessatti babal'achaa dhufuurraa kan ka'e yeroo ammaa amantii duudhaa Oromoo bakka bu'eera.

### 2.1.4.6.2. Amantii Islaamaa

Toleeraafi Hundasaa (1995:57) akka ibsanitti; amantiin Islaamaa jaarraa 7ffaa keessa karaa qarqara galaana diimatiin Itoophiyaa seenuun babal'aachaa dhufeera. Amantiin kun akkuma biyyoota Afrikaa hundaa Itoophiyaa keessatti kan babal'ate sababa daldalaafi meeshaa biyya alaatii galchuu waliin kan walqabate ta'uu barreessitoonni kunneen ibsaniiru.

Akka Ulrich (1984:231) ibsetti, amantiin Islaaamaa erga arsii keessatti babal'ateen booda sirna ayyaaneffannaa abbaa muudaa haroo walaabuutti ayyaaneffatamaa ture balleessee ayyaaneffannaa Sheek Huseeniin kan bakka bu'ameedha. Kanumatti dabaluun Ulrich (1984:232) ibsetti; "Muslim ideology had a modified impact on idigineous oral literature and partly replaced it. The Oromo Islam values consolidated in the mind of people and the more traditional culture was despised" jechuun ibseera. Akka yaada hayyuu kanaatti akkaataa amantiin tokko itti lallabamuufi seerri isaa amantii biroo waliin waan wal mormuuf, hordoftoonni amantii Islaamaas amantii duudhaa Oromoo tuffachuun akka dadhabu taasisuun amantiin Oromoo akka badu ga'ee guddaa qabu.

### 2.1.4.6.3. Dhiibbaa Mootota Habashaa

Yeroo sirnaalee mootota habashaa sanyiin aangoo walitti dabarsaa turanitti koloneeffattoonni abisiiniyaa aangoo wal harkaa fudhachuudhaan Itoophiyaa bulchaa turaniiru. Kaayyooleen ijoo mootota kanneenii uummata Oromoo koloneeffachuun seenaafi afaan isaa akkasumas eenyummaa Oromoo balleessuun safuuwwan, sonootafi amantii abisiiniyaa humnaan Oromoorratti fe'eera (Gadaa Meelbaa, 1988:63).

Akkuma Minilik, Hayla Sillaaseenis aangoo erga qabatee booda haala baay'ee jibbisiisaa ta'een miidhaa adda addaa uummata Oromoo, aadaafi amantii isaa irraan ga'eera. Rakkoolee kunneenis: Hayilasillaaseen carraaqqii kan taasise siyaasaafi diinagdee qofaan uummata Oromoo miidhuu miti. Aadaa Oromoo balleessuus ni dabalata. Amantiilee kan akka amantii kiristaana

ortodoksii abisiiniyaa, kuuptikii malee kanneen akka: Islaamaafi amantii duudhaa Oromoo akka badan taasifamaniiru (Gadaa Meelbaa, 1988:72).

Kana malees mootiin Hayilasillaasee bakka amantiin waaqeffannaa Oromoo kan akka: dhaabbanni qaalluu itti gaggeeffamu balleessuun bakka sanarratti bataskaanni akka ijaaramu gochuun maqaalee magaalota Oromiyaa gara maqaa amaaratti jijjiirun eenyummaafi amantiin Oromoo akka bakkaa dhabamu taasisaa turuun isaanii beekamaadha.

Sirni dargiis erga jijjiiramee falaasamootafi imaammata abisiiniyaa duraan turan irratti hundaa'un akkuma mootota turanii maloota adda addaa gargaaramuun eenyummaa Oromoo, aadaafi amantaa isaa akka badu taasiseera (Gadaa Meelbaa, 1988:109). Mootummaan kun yaadotaafi maloota adda addaatti fayyadamuun qaama hawaasa garaagaraa waldaalee hundeessuufi maqaa safaraa jedhu jalatti walitti qabuun, Oromoon aadaa isaafi amantii isaa gatee kan namaa akka hordofu taasiseera. Haala kana Gadaa (1988:101-102) yoo ibsu; gita bittoonni abisiiniyaa safaraa akka meeshaa waraanatti fayyadamuun Oromoo kan ittiin miidhan, kan Oromoo ariitiin gara amaaraatti ittiin geeddaran, afaan duudhaa isaa ittiin balleessaniifi suuta suutan eenyummaa Oromoo akka badu taasisaa akka turan ibseera.

### 2.2. Yaaxxinaalee Qorannoon Kun Bu'ureeffate

Qorannoo tokko gaggeessuuf yaaxinni itti gargaaramanii qorannoo sana gaggeessan murteessadha. Yaaxinoonni qorannoon tokko bu'ureeeffachuu danda'u kanneen akka: haalawaa, caasessummaa, bifeessummaa, faayideessummaa, xiinxala sammuu, seenaa deebisanii ijaaruu (historical, seenawaa maddaawaa fa'a hammata. Kanumarraa ka'uudhaan yaaxinni qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame yaaxina haalawaafi faayideessummaati.

#### 2.2.1. Yaaxina Haalawaa

Qorannoon kun yaaxinaalee jiran keessaa haalessuu kan bu'ureeffateedha. Haalessuun saayinsiilee hawaasaa, keessumaa Antirooppooloojii, xiinqooqa, bifa hawaasummaa, xiinsammuufi soosoloojiitin marsanii dhiyaatan irratti xiyyeeffata. Gosa fookloorii haala naannoo marsee jirurraa adda baasanii; qooqa, amala, waliigaltee, himiinsafi raawwii qorachuun bifa sadummaa haalaarratti xiyyeeffachuun isaanii jechoota akka gocha waliigaltee, qabiyyee, haala gosoota waliigaltee aadawaa, dhugaawaa murtaawaafi deemsa waliigaltee irratti

xiyyeeffatamee kan gaggeeffamuudha. Waa'ee yaaxina haalawaa Dorson (1972:45) irratti yoo ibsu, "…the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated". Akka yaada kanaatti afoola tokko qo'achuun kan danda`amu, waan raawwatee ta'erraa otoo hin ta'in waan raawwachaa jiru bu`uura godhachuuni. Kunis haala qabatamaa afoolli sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, waantoota yeroo hurruubbii hurruuban dhimma itti bahu, walumaagalatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu'uun kan geggeeffamu ta`uu nu hubachiisa.

Yaaxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fookloorin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Yaada kana ilaachisee Simsfi Stephens (2005:136) yaaxina haalaa yoo ibsan,"The physical settings and social situations in which members of folk groups share folklore, as well as the relationships among audience members and performers, make up the context of performance." jechuun barreessaniiru.Yaada hayyoota kanneenii irraa kan hubatamu, haalawa adda addaa keessatti walitti dhufeenyi hirmaattotaafi yaaxinaalee firiiwwan fookloorin dalagamaniif anniisaa cimaa akka ta'aniidha. Qorannoo kanaafis yaaxinni adda durummaan filatame yaaxina haalawa fooklooriti.

### 2.2.2. Yaaxina Faayidaa

Akka Yaaxina kanaattiifookilooriin faayidaan inni uummataaf qabu maali ? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Yaaxinni kun kan bu`uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom(1965) jedhamuuni. Akkaa yaada Bascomitti aartiin mallattoo „Oralart‟ jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara.Akka Yaaxina kanaattifookilooriin tokkoo faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u; qu`annoon fookiloorii gama faayidaa isaatiin geggeessamuu qaba. Hayyoonni yaaxina faayideessummaa Smis fi Stephens (2005:174-175) yoo ibsan, "yaaxinni kun Fookloorii hawaasa sanaaf faayidaa maalii akka qabu keessatti kan ilaaluudha."Akka hayyoota kanaatti Fookloorin faayidaalee akka: barsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirama amalaa fiduu, tokkummaa hawaasaa cimsuufi kkf fa'a. Qabata kanaan qorataan kunis yaaxina kana fayyadamee Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa qaaccessee jira.

Walumaa galatti qorannoon tokko yaaxinoota gargaaraa bu'ureeffachuu danda'a. Kanneen keessaa Adeemsi Sirna Ayyaana Boorantichaa kun yaaxinoota armaan olii kana lamaanitti gargaaramuun haala naannoo keessatti argamaniifi faayidaalee isaa qaaccessuun dhimma itti bahameera.

## 2.3. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Imaanaa Bayyanaa (2007), qorannoo "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaarratti" taasiseen, amantiin duudhaa Oromoo waaqeffannaafi faaruun isaa bifa ogafaanitiin dhaloota irraa dhalootatti darbuun falaasama amantiifi beekumsa Oromoo mul'isaa turaniiru. Akkatuma kanaan qorataan kun dhimmoota amantii duudhaafi hawaasummaa, waaqaafi waaqeffannaa, akkasumas, ayyaaneffannaalee Oromoo, amantii duudhaa Oromoo naannoo Shawaa ilaaluuf yaalee jira. Qorannoo kanaan dhimma duudhaa Oromoo irratti xiyyeeffachuu irratti walfakkaata.

Fayyeeraa Taaddasaa (2004) Qaaccessa Sirna Ayaana Boorantichaa Aanaa Hidhabuu Abootee Digirii tokkoffaa guuttachuuf gaggeesse keessatti yoo kaasu; uummanni Oromoo waaqa waan hunda uume kan ittiin galateeffatu akkasumas kan gara fuulduraaf immoo kan ittin kadhatu ayyaanni beekamaafi hangafummaa mul'isu ayyaana Boorantichaa ta'uu isaati.

Qorannoo kana ammoo kan wal isaan fakkeessu ayyaanni boorantichaa uummanni Oromoo waaqa waan hunda uume kan ittiin galateeffatu yookan kadhatu ayyaana angafa kan ta'e booranticha ta'uu irrattii walitti dhufeenya qaba.

Haaluma kanaan garaagarummaan qorannoo kanaafi qorannoo Fayyeeraa gidduu jiru, inni digirii tokkoffaa guuttachuuf kan qorate yoo ta'u, qorannoon kun ammoo digirii lammaffaa guuttachuuf kan hojjetameefi iddoon inni irratti hojjetame garaagara kan ta'eefi qorannichi sirna ayyyaanichaa qofa irratti xiyyeeffate yoo ta'u; qorannoon kun ammoo adeemsa sirni ayyaana boorantichaa keessa darbu irratti xiyyeeffate.

Gama biroon, qorannoon digrii lammaffaa Booranticha irratti gaggeeffame hamma qorataan kun dubbisee sakatta'etti qorannoon kallattiin aayyana kanarratti xiyyeeffate kan hin argamne yoo ta'ellee, mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban ilaaluuf yaaleera.

Walumaa galatti, qorannoowwan sadarkaa digirii jalqabaafi lammaffaa keessatti qorataman yaad rimeen isaanii wal haa fakkaatan malee garaagarummaan isaan qaban kaayyoo isaanii irratti hundaa'un kan ibsaman yoo ta'u qorannoon digirii lammaffaa irratti hojjetamu kan digirii tokkoffaa akkuma sadarkaan barnootaa dabalaa adeemu haalli inni keessa darbuu qabu illee kan durii irraa adda adda kan ta'eedha.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNICHAA

Malli Qorannoo haala itti odeeffannoon madda isaarraa walitti funaanamuu kaasee hanga odeeffannichi qaacca'ee hiikni itti kennamuutti malleen fayyadamnuudha. Dabalatanis tooftaalee qorannichaafi mala qorannicha waliin wal qabatan kanneen akka adeemsa qorannoo, madda odeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoon ittiin funaanamu, mala odeeffannon ittiin qaaccefamuufi kkf of keessatti hammata. Wantoonni armaan olitti tuqaman kunis bal'inaan armaan gaditti ibsamaniiru.

Akkuma boqonnaa tokkoffaa keessatti ibsamuuf yaalametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni guddaan adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa godina shawaa kaabaa aanaa kuyyuu qaccessuudha. Kana gochuuf ammoo qorataan qorannoo kanaa mala qorannoo akkamtaa (qualitative research) fayyadame. Sababni isaas qorannoo kana keessatti odeeffannoon sassaabame lakkoofsan osoo hin taane ibsaan hiika kan argate waan ta'eefi. Kana ilaalchisee Dastaa, (2013:31) yoo ibsu qorannoo gosa kanaa namni gaggeessu kallattiidhan hawaasa biraa deemuu qaba; daawwachuun kan raawwatu qorataadhuma. Kunis hir'ina mul'achuu danda'u hir'isuu irratti mala gaarii ta'a.

Haaluma wal fakkaatun qorannoo kana keessatti odeeffannoon funaanamu gadi fageenyan ragaan deeggarame kan xiinxalamu waan ta'eefidha. Addunyaan (2011:12) yaada kana yoo ibsu, "ciminni qorannoo akkamtaa gaafiwwan akkam? maalif? jedhan kaasun gadi fageenyan xiinxaluurratti humna waan qabuuf amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati" jedha. Yaada kanarraa akka hubannutti malli kun gadi fageenyan xiinxaluurratti humna akka qabuufi gama amanamummaafi hubannoo bal'suutin haala kan mijeessu ta'uu isaati.

Qorannoon gaggeeffame kun duudhaa hawaasaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, qorannoon gosa kanaa duudhaalee jiruufi jireenya hawaaasaa waliin dhimmoota walqabatan hubachuun xiinxaluudha. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kanaas ragaalee bifa daawwannaa, gaafii afaanitiin, yaadannoo qaabachuufi waraabun ragaalee funaaname gadi fageenyan qaaccesseera.

### 3.1. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaadha. Sababni isaas odeeffannoon qorannichaa maanguddoota Aanaa Kuyyuu keessaa namoota dhimma kanarratti hubannoo guddaa qaban kan walitti qabameedha.

### 3.2. Iddattoo

Qorataan tokko odeeffannoo funaanuf iddattoo filachuun isaa hin oolu. Iddattoon tooftaa yookan mala ittiin qoraataan odeeffannoo qorannoof isa tajaajilu hawaaasa biraa walitti qabuudha. Dastaan (2013:132) Trochim (2006) Wabeeffachuun hiika iddattoo yoo lafa kaa'u; "Samplig is the process of selecting units (e.g people, organization) from apopulation of interest so that by studying the sample we may fairly generalize our result back to the population from which they were choose". Akka yaada kanaatti iddattoo filachuun adeemsa jamaaa tokko keessaa odeeffannoo argachuudhaaf namoota yookan qaamota jamaa sanaa keessaa hanga murtaa'e tokko filachuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef yeroo, baajataafi humna namaa qusachuufi. Kanaafuu iddattoo qoratichi qorannoo gaggeessu kana keessatti dhimma itti bahe gosa iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu darbaa dabarsaatti fayyadameera.

### 3.3. Meeshaalee Funaansa Odeeffannoo

Qorannoo kana gaggeessuf qoratichi wantoota mijatoofi odeeffannoo gahaa ni argamsiisu jedhee filate af gaaffiifi daawwannaadha.

#### 3.3.1. Daawwannaa

Daawwannaan meeshalee odeeffannoo jalqabaa funaanuuf oolan keessaa tokko akka ta'eefi karaa gocha tokko ittiin daawwachuun yookaan dhaggeeffachuun odeeffannoo funaannu ta'uu kumar (2005) yoo ibsu; "observation is one way to collect primary data. It is a purposeful, systematic and selective way of watching and listening to interaction or phenomenon as it takes place" jedha. Qorataan qorannoo kanaa Yeroo keessatti hirmaatee daawwannaa adeemsisetti yeroo Boorantichi (tiksaan) kennamu iddoo tokko tokkotti yaadannoo barbaachisaa ta'e qabachuudhaan, akkasumas, suuraa kaasuudhaan ragaaleen barbaachisoo ta'an qabatamaatti walitti qabamaniiru.

Qorannoo kana keessatti qorataan adeemsa daawwannaa kanatti fayyadamee eenyutu maal akka raawwate, yeroo akkamiitti akka raawwatame, meeshaalee ayyaana kana keessatti barbaachisan dhangaa qophaa'aniifi kkf irratti odeeffannoo gahaa argachuuf yoomessa dhugaa keessatti argamuun ji'a onkololeessaafi caamsaa keessa godina shawaa kaabaa aanaa kuyyuu iddoo

ayyaanni Boorantichaa itti ayyaaneffatamutti argamuudhan daawwatee waan ilaale yaadanoo qabachuufi kaameeraa fayyadamuun waraabbatee odeeffannoo kana qaaccesseera.

### 3.3.2. Af-gaaffii

Afgaaffin kan qorataan namoota dhimmichi ilaallatuuf eenyummaafi kaayyoo qoraanichi qoratamuuf hirmaattoota ayyaana sanaa hundaaf ifa taasisuun odeeffannoobarbaadame irraa funaannatuudha. Afgaaffiin, gaaffii qorataan odeeffattoota filatamaa afaaniin gaafatudha. Waa'ee af-gaaffii ilaalchisee Dastaa (2013:111) yoo ibsu;

> *Afgaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeef kennaan fuullee fuulletti wal arganii odeeffannoo waliif kennaniidha. Odeeffannoon afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffataa gaafachuu danda'uu isaati jedha.*

Kanaafuu qorataan qorannoo kanaa meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun gaafilee qindaa'oo ta'anitti fayyadamuun odeeffannoo funaanateera. Kunis afgaaffiin qorannoo qulqullaa'inaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaanuuf meeshaa baay'ee barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Qorataan kunis gaafilee qindaa'oo qopheessudhaan maanguddoota 25 irraa odeeffannoofunaannatee qaaccessee jira.

## 3.4. Malleen Qaaccessa Odeeffannoowwanii

Malli odeeffannoon ittiin ibsame mala qorannoo akkamtaati. Kunis odeeffannoo argame lakkoofsan osoo hin taane jechootan kan ibsameedha. Haaluma kanarraa ka'uudhan ragaalen qorannoo kana keessatti daawwannaafi af-gaaffii irraa argaman mala qorannoo ibsaatti fayyadamuun ibsamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA ODEEFFANNOO

Boqonnaa kana jalatti, ragaawwan Qorannichaa maloota qoorannoo garaagaraa fayyadamuun funaanamantu qaacceffamuun hiikame. Kunis odeeffannowwan argaman mata duree garaagaraa jalatti qoqqoodun erga tartiiba'anii booda qoratichaan qaacca'uun hiikni itti kenname. Haaluma kanaan odeeffannoolen ijoon kutaa kana jalatti ka'an maalummaa Boorantichaa, faayidaa ayyaana Boorantichaa hirmaaattota sirna ayyaana Boorantichaa, yoomessa ayyaana Boorantichaa, dhangaalee qophaa'an, ademsi sirna ayyaana Boorantichaa tokko tokkoon qaacceffamaniiru. Dhumarratti sadarkaa ayyaanni Boorantichaa yeroo ammaa irra jiru ilaalchissuun ibsi bal'aan kennameera.

## 4.1. Boorantichaa (Tiksaa)

Boorantichi ayyaana uummata Oromoo biratti iddoo guddaa qabuufi ayyaana hangafaa kabaja guddaa qabuudha. Kanumaan walqabtee Obbo Abdataa Badhaas (17/02/2011) yoo ibsu; Booranticha jechuun isa kan Booranaa, isa kan angaftichaa jechuudha. Booranticha yeroo jennu, Booranaafi qabeenya isa walitti daballee dubbanna, ayyaana isa kan Booranaa jechaadha.

Ayyaana Boorantichaa ilaalchisee maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'e obbo Shawaalul Sanyii (17/02/20011) yoo ibsu; Waaqeffataan waan isaa toleef kabajaafi galata galcha, fknf ganni rooba waliin dhufu kabaja qaba, korma gurraachan simatama. Ayyaanni rooba gannaa simachuu kun ammoo Booranticha jedhama. Yaa waaq rooba nagaa nuuf roobi, bubbee, cabbii, bakakkaa, calaqqee, galaana hamaa jalaa nubaraari! jedhanii waaqa kadhatu.

Maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'e obbo Hoodataa Tolaa (17/09/2011) yoo ibsu; dameewwan gurguddoo Oromoo yookan ilmaan oromoo Booranaafi Baarentuudha. Isaan keessaa Booranni hangafa. Akkaataa aadaafi safuu Oromootti hangafummaan kabajaafi ulfina guddaa qaba. Angafumman itti gaafatamummaa dhaloota itti aanuu waan ta'uuf ulfina guddaatu kennamaaf. Sirni kabajaa yookan ayyaaefachuu kunis ayyaana nama jalqabaa hangafa Oromoo yookan Boorana ittiin yaadachuuuf kabajamuudha. Sirni kabaja angafa Booranaatif godhamu kunis Booranticha jedhama. Akka dhaloota Oromootti dameen Booranaa yaa'ii warra angafaati. Ayyaanni Boorantichaa yaa'ii warra angafaa yaadachuuf ayyaaneffatama. Sirni yaadannoo Booranaa kun waggaa waggaadhan sadarkaa maatitti ayyaaneffatama. Ayyaana Boorantichaa kana irratti maatiifi firootan warra hangafaa hunduu ni argamu.

Akkan Obbo Joobiraa Waaqjiraa irraa (17/02 2011) odeeffannoo argadhetti; Uummanni Oromoo Boorantichi sirna waaqeffannaa keessati ayaana ittiin waaqa waan hunda uumee isaaf arjoome ittiin galateeffatuudha. Kadhannaafi galateeffannan waaqaf taasifamu kunis yeroofi iddoo murtaawaa kan qabuufi yoomessa isaa kanaafis sababa mataa isaa kan qabuudha.

Akkan Obbo Gammachuu Waaqjiraa (17/2/2011) irraa odeeffannoo argadhetti ayyaanni Boorantichaa aadaa aadaa uummata Oromoo keessatti beekaman keessaa isa tokkoodha. Boorantichi ayyaana uummata oromoo biratti dhaloota tokko irraa gara dhaloota birootti darbaa kan dhufeefi ammas darbaa kan jiruudha. Haalli kunis abbaa irraa ilmatti kan darbuudha. Kunis ilma hangafatti kan darbuudha. Abbaan yoo du’e haati mucaa hangafa waliin ayyaana kanaaf kennatti. Haadhi manaa yoo duute ammoo intala hangafa isaa waliin ayyaana Boorantichaatif laata. Gaafa mucaan angafaa kun mana horate ammoo mana isaatti ayyaana Boorantichaa kabaja. Yoo ayyaana kana kabajuu dide ammoo ayyanichi itti rifachuudhan sanyiin isaa akka hin horre taasisa. Ayyaana kana ilmi quxusuun kabajuuf dirqama hinqabu. Sababni isaa ilmaan Oromoo keessaa Booranni ilma hangafaa waan ta’eefi. Kanaafi ayyaanni Boorantichaa isa hangafaa jedhamee kan beekamu.

Akkan Obbo Katamaa Waaqjiraa (17/2/2011) irraa odeeffannoo argadhetti “ayyaanni Boorantichaa waggaatti yeroo lama kabajama. Kunis Booranticha kennaa Birraafi Arfaasaa jedhamu. Akka yaada kanaatti ayyaanni Boorantichaa waggaatti yeroo lama waqtii Arfaasaafi birraa keessaa ji’oota onkololeessaafi caamsaa kan kabajamu ta’uu isaati.”

### 4.2. Yoomessa Jalqabbii sirna Ayyaana Boorantichaa

Boorantichi ayyaana guddaa uummata Oromoo biratti yeroo dheeradhaaf kabajamaaa dhalootaa dhalootatti darbaa dhufeedha. Boorantichi yoomifi eessatti aka jalqabame wanti qabatamaa ta’ee raga guutudhaan deeggarame hanga ammaatti hin jiru. Haa ta’u malee maanguddoonni garaagaraa yaada kana ilaalchisanii yaadota garaagaraa kaasanii jiru. Yaanni maanguddoonni kennan kunis akka armaan gadiitti dhiyaata.

Akka Obbo shawaalul sanyii (17/9/2011) ibsanitti “sirni ayyaana Boorantichaa yoom akka jalqabeefi eenyu akka jalqabe wanti beekamu hin jiru. Garuu akka maanguddoon kun ibsanitti guyyaan isaa kana jedhamee wallaalamus. Hangafa Oromoo kan ta’e, Booranni ilmaan baay’ee qaba ture. Ilmaan isaa kun madda walaabuu irraa ka’anii iddoo garaa garaa akka angafaafi

quxusuutti yookan akka kormi isaanii baroodetti bakka kormi isaanii itti baroode sana faffaca'anii qabatan. Akkuma namni kamiiyyuu har'a ilmaan isaa daawwatu yookan too'atu Boorannis ilmaan isaa faffagaatanii qubatan ilaaluu dhaqe. Haalli daawwannaa isaa kunis haala yeroo irratti kan hundaa'e" jedhama.

Akka maanguddoo aanaa Kuyyuu kan ta'e Obbo Daadhii Mootii (17/9/2011) ibsanitti "uummanni Oromoo dur gaafa abbaan isaanii isaan daawwatu sana ni kabaju ture. Ummanni Oromoo har'aatis daawwannoo abbootii isaanii irraa jalqabee yaadannoo Boorantichaatif guyyaa Boorantichi qomoo isaanii bira gahe sana baatii Caamsaafi Onkololeessaa keessa guyyaa Sambataafi Wixataa yeroo aduun dhihuu geesse tilmaaaman naannoo sa'aatii 10:00 irraa eegalee hanga barii guyyaa lammaffaatti kan qabu qalee kan dhabe ammoo waan humna isaatin kan ayyaaneffatuudha" jedhu.

Akka maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Addunnaa Hirphaa (17/9/2011) ibsanitti "sirni ayyaana Boorantichaa sirna beeekamaafi kabajamaa yeroofi iddoo itti raawwatamu mataa isaa qabuudha. Ayyaanni Boorantichaa sirna waggaatti yeroo dhaaabbataa isaatti kabajamuudha. Kana malees qorataan qorannoo kanaa iddoo sirni sun itti kabajamutti argamuun akka keessatti hirmaatee daawwatetti Sirni kun yoom akka kabajamu ija isaatin akka argetti waaggaatti yeroo lama ji'a onkololeessaafi ji'a caamsaa keessa akka kabajamu hubateera. Akka maanguddoon kun dabalanii ibsanitti sababni ayyaanni kun ji'oota eeraman kanniin kabajamuuf ammoo onkololeessa bubbeetu baay'ata, kanaaf bubbeen ammoo omisha omishamee ala jiru qorraan dhayee akka hin balleessine, midhaan faca'ee ala jiru firii gaarii akka horatuufi loon illee marga birraa nyaatanii akka quufaniif waaqa isaanii kadhachuuf ayyaana kabajamuudha. Boorantichi ji'a caamsaa keessa kabajamu ammoo Caamsan hongee cimaafi buubbee cimaa waan qabuufi fuuldurri ammoo ganna waan ta'eef, ganni ammoo galaana baatee dukkanaan waan dhufuuf waaqa kadhachuudhafi" jedhu maanguddoon kuni.

Walumaagalatti ayyaanni Boorantichaa yeroo dhaabbataa itti ayyaaneffatamu kan mataa isaa akka qabuufi waggaatti yeroo lama waqtii arfaasafi birraatti baatiwwan birraafi caamsaa keessa keessa guyyaa sanbattaafi wixataa keessaa guyyaa barsiisan kan ayyaaneffatamuudha.

### 4.3. Faayidaa Ayyaana Boorantichaa

Wantooonni Addunyaa kanarratti argaman kan waaqayyoon uumamaniifi kan namni barbaachisummaa isaatin ofii isaatii uummate hedduun kan jiraniiifi wantoonni kunniinis karaalee adda addaatin hawaasaf kan fayyadaniidha. Kanuma ilaalchisee; jiraattuu aanaa kuyyuu kan taate adde Baqqaluu Abarraa (17/02/11) "waaqeffannaan amantii nageenyati, namni Booranticha kabaju maatiifi ollaa isaa wajjin nagaafi tasgabbii argata. Akka yaada adde Baqqaluu irraa hubannutti nageenyi dhala namaatif bu'uura kan ta'eefi Boorantichi ammoo caalatti dhala namaatif haala jiruufi jireenyaa kan barsiisudha."

Sirni ayyaana Boorantichaa sirna hawaasa bal'aati. Sirni kun ammoo hawaasaf kallattii adda addaatin faayidaa  kenna. Faayidaa isaa kana irratti Obbo Katamaa Damissee (17/9/20011) akka ibsanitti "Kennaa Boorantichaa irratti safuu, wal kabajuu araarafi wal gargaarutu jajjabeeffama. Waaqa irraas waan gaaritu eegama jedhamee waan amanamuuf dhiphinni badee abdiifi qananiitu sammuu hirmaattotaa keessatti uumama. Namni waliin sirna Boorantichaa hirmaate hammeenya namatti hin yaadu. Namoota sirna ayyaana Boorantichaa irratii argamanis ta'ee kanneen hin argamin hundaaf kabajaafi jaalala kennuun sirna kana irratti waan barsiifamuuf ijaarsa biyyaa keessattillee ga'ee guddaa qaba."

Akka yaada Obbo Katamaa irraa hubatamutti faayidaa ayyaanni Boorantichaa uummata Oromootif qabu; gama misoomatiin gama diinagdeetin gama siyaasatiin, gama hawaasummaatifi gama hundaanuu bu'aa inni uummata bal'aatif qabu ayyaana kana irratti ni barsiifama. Kun ammoo waliin jiraachuuufi wal gargaaranii waliin guddachuu hawaasichaaf iddoo guddaa kan qabuufi qaama kamiiyyuu kan jajjabeessudha. Namoota sirnicha irratti hirmaataniifi hawwaasa biroof illee yoo ta'e wanti sirnicha irratti barsiifamuufi taasifamu hundi haala sirrii ta'een hojiirra oolan faayidaa isaati ala miidhan inni geessisu hin mul'atu waan ta'eef sirna cimee itti fufuu qabuudha.

#### 4.3.1. Yaadannoo Hangafaatif

Oromoon hooda qaba. Waan jiruufis, kan darbeefis, kan dhufuufis safuu qaba. Waan darbe dagatee hin dhiisu; ni yaadata. Yaadannoof jedhee guyyaa sana irra deebi'ee akkuma gaafa duraatti  kabaja. Kun ammoo wan hawaasa addunyaatin gargar isa godhe keessaa isa tokkoodha.

Kanaaf yaadannoo hangafa isaatif (Booranaatif) jedhanii waggaa waggaadhan baatii Caamsaafi Okololeessaa kabaju.

### 4.3.2. Ayyaana Abbaa ittiin Kadhachuuf

Akka maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'e Obbo Shawaalul Sanyii (17/02/2011) ibsanitti

Abbaan Tuulamaafi Maccaa Boorana. Booranni ilma oromoo hangafa Baarentuuti. Booranni ayyaana waaqarraa eebban kennameef ayyaana Boorantichaa ni kabaja.Waaqeffataan wanti hundumtuu ayyaana qaba jedheet amana. Ayyaani kun ammoo Kan dhaloota tokko irraa gara dhaloota birootti darbuudha. Ayyaana abbaa kana kadhachuuf guyyaa dur abbaan isaanii Booranni ilmaan isaa bira dhaqaa ture yaadannoodhaf kabajama.

Walumaa gaalatti yaada kana irraa wanti hubannu Oromoon har'a sirna ayyaana Boorantichaa irratti taasisan yookan raaawwatan kun kalessa kan abbootii Booranaatin raawwatamaa tureen tokkummaa kan qabu, ta'uu isaati. Sirni ayyaana Boorantichaa har'a baatii Caamsaa fi Onkololeessaa kabajamufi har'a mooraa loonii keessati muka jiidhaa walitti hirkisee raawwchuun isaa kan kaleessa Booranni muka guddaa jalatti loon mooratti deebisanii raawwachuu baatanis yaada akka loon moraa keessa jiruutti fudhachuun kan raawwataniidha. Kan lafeefi foon Booranni ilmaan isaa waliin gubee ciincesse sanis yaadannoo warra jalqabaa akka waraabesssi foolii fuudhee loon isaaanii hin dammaqsinefi ciincan foonii har'a taasifamu ammoo sana yaadachuuf galata waaqaf akka ta'eedha.

Akka maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Tolaa Birraatuu (17/02/11) ibsanitti; Kan kaleessaa irraa sirni ayyaana Boorantichaa garaagarummaa hin qabu. Iddoo tokko tokkotti haalli adeemsa isaa darbee darbee adda ta'uuyyuu b'uura isaa gadi hin lakkisne. Kan dhangaa qophaa'e hundarraa fuudhanii mooraa horii keessatti geeffamu gaafa dura qophaa'e kan eebbisee dura dhandhamu Boorana ture. Warri har'aas yaadannoo isaaf qooda isaa, inni dhabamus safuufi kabaja ayyaana hangafaaf kan kaa'amuudha.

## 4.4. Adeemsa Sirna Ayyaana Boorantichaa

Barreeffama qorannaa kanaa keessatti, maalummaa Boorantichaa, haala ayyaaneffannaa isaaatifi wantoota ayyaana kana irratti barbaachisan, akkasumas ayyaanichi maalif akka kabajamu ibsameera. Akka qorannoo kana keessatti ragaalen deeggaramuun ibsametti uummanni Oromoo

harki caalu aadafi duudhaa ofii ni kabajatu. Kanaaf Boorantichi akka ayyaana angafaatti kabajama, ayyaana qe'eetis jedhamee akka ayyaaneffatamu ibsamee jira.

Ayyaanni kunis kan kabajamu waggaatti si'a lama ji'oota Onkololeessaafi Caamsaa keessa guyyaa Sanbataafi Wiixataa keessaa guyyaa barsiisan yoo ta'u; yeroon isaa galgala sa'aatii kudhan irraa eegalee ayyaaneffatama. Ayyaana Boorantichaa irratti akkuma ayyaanota Oromoon kabaju kamiiyyuu qophii guddaan dursee ni raawwatama. Guyyaa ayyaanni Boorantichaa kabajamu dursee qophiilen adda addaa ni raawwatu. Adeemsa qophiilee kanneenitis tokko tokkoon ilaalla. Adeemsawwan sirna kana keessatti raawwatan kunis mata dureewwan gurguddoo sadi jalatti qoqqoodudhan qorataan kun ilaalee jira. Isaanis armaan gaditti tarreeffamanii jiru.

### 4.4.1. Raawwii Ayyaanan Duraa

Ayyaanni tokko yeroo ayyaaneffatamuuf ka'u dursee wantoonni laf jala qophaa'uu qaban hedduutu jira. Ayyaana Boorantichaa ayyaaneffachuuf wantoonni ayyaanichaaf barbaachisan hanga danda'amaa ta'etti guuttamuu qabu. Garuu Kunis kan ta'u akka humnaatti qabeenya isaanii irratti hundaa'un wan barsiisan sana hunda akka waliin gahuu danda'anitti kan qopheeffataniidha.

Akka qorataan qorannoo kanaa afgaaffii maanguddootaa taasiseen argateefi daawwaannaa irratti hirmaatee argetti dursee hoolan Boorantichaaf ta'u yoo qa'ee hin jiraanne hoolaa magaala yookan gurraacha addaa bulloo yookan iddoo tokko irraa adii yoo qabaate ilaalamee ayyaana Boorantichaaf ta'uun isaa erga mirkanaa'ee booda bitama. Geeshoofi biqilli, midhaan farsoof ta'u, akkuma barsiisanitti: garbuu, boqqoolloo, zangaadaa, misingaa fa'a keessaa ilaalamee tokko ni qophaa'a. Xaafin biddeenaf ta'u, qamadii adiin daabbodhaaf ta'u, daaksifamee qophaa'a. nuugin, dammi, barbareen, shiroo baaqelaa yookan ataraa, kikkii baaqelaa, missiraa (kan argame), zayitii, ashaboo, dhadhaa, barbaree, buna, hixaana, qullubbii diimaa fa'i yoo manaa dhabame dursamee bitamee qophaa'a. Biqilliifi geeshon bishaan waliin walitti dabalamuun xinsisni qophaa'ee erga bilchaatee booda qalaxoon itti dabalamee aashaaron akaawwamee erga daakkamee booda unkuramee xinsisa bilchaate kanatti naqama. Bishaan ammoo guyyaa lammaffaa baay'ina midhaan farsoo sanaan madaalamee itti naqama. Farsoon kun hamma gaafa ayyaana sanaatti maarigamee olkaayamee guyyaa ayyaanaa qofa banama. Farsoo qophaa'e kana

yaa tolus, yaa badus, hanga ayyaana kanaaf kennamee raawwatutti dhandhamuun hin danda'amu. Qophiin ayyaanan dura raawwatu haaluma armaan olitti ibsame kanaan kan xumuramuudha.

### 4.4.2. Raawwi Yeroo Ayyaanaa

Sirna kabaja ayyaana Boorantichaa irratti raawwiwwan gurguddoon guyyaa ayyaanaa kana kan raawwataniidha. Guyyaa ayyaanaa kanas qorataan qorannoo kanaa ayyaana kana irraati hirmaatee daawwachuudhaniifi afgaafii maanguddootaaf taasise irratti hundaa'udhaan jalqaba hamma dhuma guyyaa kanaatti durraa duuban wantoota achi keessatti raawwatan bifa qidaa'aa ta'een dhiyeessera.

Guyyaa ayyaana kanaa abbaan manaafi haati manaa daaandii hin deeman. Dhimmi kamiiyyuu yoo uumame barii ayyaana kanaa deemu. Guyyaa kana maatin hunduu ganamaan ka'anii hojii qoqqqoodatu. Ganama erga qoqqqooddin hojii raawwatee  loon bobbaasudhaan hoolaa qalmaaf qophaa'e sana yoo bobbaasan baduu waan danda'uuf loon waliin hin bobbaasan mooraa keessatti hidhanii oolchu. Ganama abbaan manaa baala mukkeenii deemee barbaadee fida. Baalli kunneenis baala urgeessaa, ejersa, agamsaafi baargamoodhan ala ta'uu hin qabu. Baala mukkeen kanniinii fuuldura dallaa irratti sussuuqudhan miidhagsu. Baala mukkeenii kanneen ulaa corroqaa keessa bitaafi mirgaan ni olkaaya. Kanaan booda baala kanniinin mooraa loonii illee hanga tokko ni miidhagsu. Iddoo kennaan Boorantichaa itti raawwatu baala kana kan kaayanuuf yeroo kennaan Boorantichaa gahe midhaanifi dhibaayyuu irra kaa'anii ittiin dhoksuudhafi. Haati manaa ammoo mana keessa miidhagsu. Kanaan booda haadha manaa hojii baay'etu eeggata. Kunis biddeena, tolchiti, daabboo tolchiti, daabboo tolfame kana dhadhaa ykn zayita barbareedhan walitti bulbuluun ashaboo xiqqqoo itti naquun irra dibama. Nuugii akooftee ijoollen akka tuman taasisti. Nuugii kana ijoollen akka hin dhandhamne ni akeekkachiisu. Nuugii tumame kana walitti dhoobun daabboo sanarra keessi. Wantoonni qophaa'an kunniin hunduu osoo irraa hin tuqamin olkaawwamu. Ijoollen ammoo afaa marga jiidhaa iddoo jiruu barbaadanii qopheessu, afaa kanas mana faltii loonin erga miidhagee booda mana keessa  afu. Kanaan booda sirnoota garaa garaatu itti fufa.

#### 4.4.2.1. Sirna Muudaa

Muudaan uummata Oromoo biratti bakka guddaa qaba. Akka maaguddoo aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Tolaa Birraatuu (17/02/11) ibsanitti; muudan sirna cimaa fi kabajamaa uummata Oromoo biratti bal'inaan calaqqisiifamuudha. Muudaan sirnoota garaagaraa Oromoon kabaju keessatti galatoo, eebbafi badhaadhanii hormaatan baaay'achuu agarsiisa. Muudaan dhadhaa loonii urgooftuu/dhunguggii waliin makuudhan hoolaa qalmaaf qophaa'e manatti fiduudhan haati manaa dhadhaa kana dura hoolaa sana adda gubbaa dibdee, ofii erga muuddattee booda abbaa manaa irraa eegaltee akka hangafaafi quxusuutti maatii mana jiran hunda waliin geessi. Muudaan mallattoo ayyaana ayyaaneffachuuti. Namni muudaa muuddate ayyaana wayiii akka kabaje muudaa kanarraa ni beekama. Namoonni muudaa muudatan yeroo haati manaa irra deemtee muuddu haaga muudi, ayyaanni isiniif yaa dammessa'u jechuun haadha manaa eebbisu abbaan manaa gara alaatti hoolaa sana fudhatee bahee iddoo qalmaatti geessa.

#### 4.4.2.2. Sirna Qalmaa

Hordoftoota amantaa waaqeffanaa biratti akka haala yerootti qalanii waaqa galateeffachuun aadadha. Sirna kabaja ayyaana Boorantichaa irratti qalmi akka raawwatu maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'e Obbo Shawaalul Sanyii (17/02/2011) akka ibsanitti galgala osoo aduun hin lixin qalama. Boorantichi sirna kadhannaafi galateeffannaa uummanni mana mana ofiitti waan hawwuuf ittiin kadhatuufi waan argateef ittiin galateeffachuuf qalma taasifamuudha.

Akkan maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Addunnaa Nugusee (17/02/11) irraa odeeffannoo argadhetti uummanni Oromoo yeroo ayyaana Boorantichaa mana mana isaatti kennu (ayyaaneffatu) hoolaa bifti isaa gurraacha bulloo (magaala) yookan daalacha qala. Inni harkaa dhabes haaluma qabuun akkuma humna isaatti qalee ayyaana Boorantichaa kabajata. Qalmi kun kan barbaachiseef qabeenya waaqni namaaf kennee fayyaa nama godhe keessaa kabaja ayyaanichaafi waaqaf galata galchuuf, akkasumas maatii, ollaafi firoottan ofii faana gammaduufi sooratanii wal eebbisuufi malee waaqni dhangaa qophaa'e kana soorata jennee miti jedhu odeeffannoo kennaan kuni. Yeroo hoolan qalamu hoolaa sana haati manaa mataa qabdee abbaan manaa hoolaa sana mataa isaa ulaa corroqaatitti gadi naanneessee morma buusee dhiiga hoolaa sanaa mi'a/meeshaa wayiitti qocanii oddoofi ulaa corroqaa keessa facaasanii ulaa manaa bittaafi migatti dibuun mana keessas ni faaffacaasti. Kanaan booda haati manaa manatti ol

deebitee waan hojjetamuu qabu hojjetti. Abbaan manaa ijoollee isa gargaartu waaammatee hoolaa kana qalee erga raawwatee gara manaatti galee gaabii uffatee qopha'ee taa'a,



**Fakkii 2:** Yeroo haati manaa hoolaa Boorantichaa mataa qabdeefi abbaan manaa ammoo qalu.

### 4.4.2.3. Sirna Dhiyeessa Maaddii

Sirni qalmaa erga raawwatee booda sirna maadditu itti fufa. Sirna maaddii kana irratti dhangaalen ayyaana Boorantichaatif qophaa'an hunduu bakka tokkotti dhiyaatu. Haati manaa foon hoolaa qalamee kana daftee waan xiqqoo eelee sibilaa irratti waadditee, ittoo baaqelaa ykn atara/missira keessaa tokko kan argame xiqqoo qopheessitee sahaanii xiqqootti waan hunda irraayyuu kan caccabe walitti dabaltee, daabboo tolfame keessaa sadi, nuugii tumamee walitti dhoobbame sadi daabboo tolfame kana sadeen irra buusudhaan, biddeena sagal, farsoo buqqee kennaa Boorantichaaf qophaa'etti guutudhaan, halbee fuutee abbaa manaa fuulduratti dhiyeessiti. Wanti hunduu qophaa'ee erga dhiyaatee booda sirna eebbatu itti fufa.

#### 4.4.2.4. Sirna Eebbaa

Sirni maaddii erga raawwatee booda sirna eebbatu itti fufa. Sirni eebaa sirna waan waaqa kadhataniifi kadhannaa itti dhiheessan sanaaf immoo waan argataniif galata itti waaqaf galchan yoo ta'u, hangafaan kan eebbifamuudha. Ayyaana Boorantichaa irratti garuu hidda latiinsaa ilaallatu osoo hintaane abbaa manaa qofatu eebbisa. Abbaan manaa maaddii isa fuulduratti dhiyaate kana eebbisuudhan, maatin ammoo jalaa qabee eebbisu.

Akka maanguddoo Aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Gonfaa Turaa (17/09/2011) ayyaana Boorantichaatin wal qabsiisanii ibsaniifi akka qorataan qorannoo kanaa iddoo sanatti argamuun keesssatti hirmaatee ilaaletti; aayyaana Boorantichaatif yeroo maaddin dhiyaatu abbaan manaa eebbisuudhan maatin isaanii ammoo jalaa qabuudhan eebbifatanii booda abbaan manafi haati manaa gara dhibaafannaatti adeemu. Eebbi yeroo ayyaana Boorantichaa eebbifamu kunis haala armaan gaditti dhiyaaten eebbifama.

Hayyee hayyee waaqa uumaa waaqa uumamaa

Waaqa burqaa haroo Walaabuu
Waaqa sagaltama garbaa
Waaqa salgan Booranaa
Waaqa torban Baarentumaa
Waaqa Bokkuuu Gurraachaa
Waaqa Ciicoo gurraattii
Waaqa Caffee Tumaa
Waaaqa shanan Gadaa Oromoo
Waaqa Odaa Nabee
Waaqa jahan hora Galaan

Yaa waaq ayyaana Boorantichaatif laannaa ati nuu laadhu
Guunnee sii kenninee guutii nuuf laadhu
Kormi yaa baroodu
Biyyi keenya nagaa yaa ta'u
Afaan keenya wal nu taasisi
Qotiyyoo harqotatti

Sa’a okoleetti;

Jabbii haadha jalatti;

Aadaa keenya guddisi;

Lammii keenya wal taasisi;

Bokkaa nagaa nuu roobi;

Sanyii miila kumaan nuuf magarsi;

Qilleensa hamaa nurraa qabi;

Ayyaanni hangafaa yaa qajeelu;

Kadhannaa waaqa yaa gahu;

Nageenyi lafa yaa gahu;



**Fakkii 3: Maaddi abbaa manaa fuulduratti dhiyaatu**

#### 4.4.2.5. Sirna Dhibaafannaa

Sirni eebbaa erga raawwatee booda sirna dhibaafannaatu itti fufa. Abbaan manaa erga maaddii kana eebbisee biddeena saglan kana irraa maaddiirraa waa xiqqoo biddeena saglanuu walitti cabsee daddarbee saahinaa ittoo qabate sanatti dabala. Haati manaa dhaangaalee sana hunda ittoo sanatti dabaltee maaddii dhiyaate sana kaasanii waan ittoodhan walitti makame sana haati manaa qabattee abbaan manaa ammoo halbeefi buqqee farsoo qabee fuuldura deemudhaan haati manaa isa duukaa bu’uun mooraa loonii iddoo kennaaf qophaa’e kanatti dhibaafatanii, haati manaa fuuldura bu’uun abbaan manaa ishee duukaa bu’ee manatti galu. Sirni kennaa Boorantichaa kun erga taasifamee booda sirna daddarbaatu itti fufa.



**Fakkii 4:** Yeroo abbaa manaafi haati manaa kennaa Boorantichaa raawwataniifi dhibaafatan

#### 4.4.2.6. Sirna Daddarbaa

Daddarbaan sirna uummanni Oromoo yeroo adda addaatti aayyaanota garaagaraa irratti akkasumas yeroo bunni danfee cireen bunaa dhiyaatu yaa waaq maatii waatii keenya nuu tiksi fayyaa nagaa nuuf kenni jedhee maaddii dhiyaate irraa kutanii, addarbanii, waaqa kadhatanii, soorataafi dhaangaalee qophaa’e sana dhandhamataniidha. Sirni daddarbaa kun akkuma yeroo buna danfisan daddarban ayyaana Boorantichaa irrattis ni adeemsifama. Qorataan qorannoo kanaa akka qaaman keessatti hirmaachun sirna kana hordofettiifi deebii afgaafii Obbo Galaanoo Waaqjiraafi maanguddoonni biroo (17/9/2011) odeeffannoo kennaniti Oromoon daddarbaa kan daddarbu kabaja waaqaf jedhee malee waaqni daddarbaa kana ni nyaata jedhee miti. Daddarbaa kana irrattis nyaanni dhiyaatu daabboofi nuugidha daabboo dhiyaate kana abbaan manaa nuu

toli, nuu toli, yaa waaq jechuun xiqqoo kukkutee mana keessa daddarbata. Sirna daddarbaatti aanee sirna nyaatafi dhugaatitu itti fufa.

#### 4.4.2.7. Sirna Nyaatafi Dhugaatii

Sirni nyaatafi dhugaatii sirna dhangaalee dhiyaatan hunda dhiyeessudhaan ollaa dhiyoo jiran ijoollee itti erguudhan dubbisanii waan dhiyaate nyaatanii dhuganii waliin bashannananiidha. Nyaatafi dhugaatii keessaa dursee daabboo qophaa'etu abbaa manaatin caaccabsamee nuugii waliin abbaan manaa haadha manaatii dursa erga kennee booda miseensa hirmaate hundaaf hangafa irraa eegaluun bifuma umurii isaanittiin qoqqooda. Itti aansudhaan farsoon erga abbaa manaatii kennamee booda miseensota ayyaanicha irratti hirmaate hundaaf angafa irraa eegalee tartiibuma umurii isaatiin unkoolaa yookin buqqeetti buufamee kennamaaf. Maaddin biddeena sagal qabate osoo irraa hin hiramin akkuma jirutti maatiifi ollaa hunda fuulduratti dhiyaatee gamtaadhan maaddii kana nyaatanii dhuganii, taphatanii gargar ba'u. Guyyaa kana guyyaa quufaa waan ta'eef namni hundi nyaatee quufuu qaba. Ayyaaneffannaan sirna Boorantichaa guyyaa kanaa bifuma kanaan xumurama. Guyyaa lammaffaa kutaa xiqqa ayyaana kanaa kan ta'e sirna ulma'aa jedhamutu raawwatama.

### 4.4.3. Raawwii Ayyaana Boodaa

Ayyaanni Boorantichaa erga ayyaaneffatamee xumuramee gaafa guyyaa lammataa qophii xiqqoo ulma'aa jedhamutu jira

#### 4.4.3.1. Sirna Ulma'aa

Ulma'aan sirna haftee boorantichaa irraa kan bule mooraa loonii iddoo kennaan Booranticha itti raawwatetti waan bule sana irraa mataa fuuffuudhun raawwatamuudha. Kunis ganama barraaqa raawwata. Ganama abbaan manaa ka'ee karra banuudhan baala baargamoo cabsee manatti geessee haftee guyyaa boorantichaa sana xixiqqeessanii bakka tokkotti dabalanii haati manaa dhangaalee sana qabattee abbaan manaa fuudura bu'ee baala baargamoo sana fifirsaa mooraa iddoo Boorantichaaf kennan sanatti dabalanii kaayanii, baala fifirsaa bahan sana guuraa ol deebi'anii baala sana marga manatti afame sanatti dabalanii afu. Kana jechuun qabeenya midhaan facaasnee ala jiru kana baay'sii ol nuu deebisi jedhanii waaqa kadhachuudha. Itti aansudhaan Bunni danfee ollaan waamamee haftee guyyaa Boorantichaa sana nyaatani dhuganii

gargar bahu. Egaa adeemsi sirna ayyaana Boorantichaa kun haala hoo'aa ta'eefi bifa hawwataa ta'een sirnuma kana irratti kan xumuramuudha.

### 4.5. Waqtiilee Ayyaanni Boorantichaa Itti Kabajamu

Ayyaanni Boorantichaa waqtiilee dhaabbataa yeroo mara itti kabajamu kan mataa isaa danda'e kan qabuudha. Waqtiilen kanniinis waqtiilee Arfaasaafi Waqtiilee birraa keessa kan kabajamuudha. Ayyaanni Boorantichaa waqtiilee kanniin keessaa ji'a Onkololeessaafi ji'a Caamsaa keessa dhaabbataadhan kan kabajamuudha.

#### 4.5.1. Booranticha Kennaa Birraa

Boorantichi kennaa waqtii birraa kun waqtii ganni bahee jiini onkololeessaa seenuu eegalee hanga dhuma ji'a onkololeessatti kabajama. Sababni inni ji'a kana keessa adeemsifamuufis jedhu odeeffanoo kennaa qorannoo kana kan ta'an Obbo Tolaa Birratuu (17/02/2011). Maanguddoon kun akka dabalanii ibsanitti; kan darbe galateeffachuuf, kan dhufuuf waaqa kadhachuuf, akkasumas jiini onkololeessaa bubbeen waan hedduumatuuf ulaa bubbee rooban nuu cufi, gama hundaan nu milkeessi; jedhee waaqa kadhachuuf waaqeffataas ta'ee, Oromoon amantaa biraa hordofus ayyaana Boorantichaa ni ayyaaneffata. Ji'a kana yeroo qaamni namaa illee itti hir'atuufi lafti namaan martu waan ta'eef ayyaanni Boorantichaa ni kabajama.

Akka Obbo Gizoo Ijaaraa (02/02/2011) ibsanitti ganni dukkanaafi kan namoonni fagaatanii deemuufi firaan wal arguuf itti rakkataniidha. Aduun dharraa taatee qorri sa'aafi nama walitti shuntuursa. Kuni ammoo darbee waqtii dacheen waan facaasan magarsitee, daraarsitee miidhagdee mul'atti. Kun ammoo yeroo firiin itti dhiyaatudha. Kennaan Boorantichaa Kun yeroo tokko ta'ee kan addaan citu osoo hin taane yeroo hunda waggaa waggaadhan mooraa loonii keessatti kan adeemsifamuudha.

Kanuma ilaalchisuun Obbo Dabalaa Alamuu (02/02/2011) akka ibsanitti birraa yeroo bishaan malkaatti deebi'e yookan hir'ate Booranni har'as bifa Caamsaa sanaan yaaddoo ilmaanii kan ganni baatii sadaniif ture bahuuf jedhu baatii Onkololeessaa keessa ilmaan isaa bira deemee gaafatae yeroon isaa gargar ta'us raawwin simannaafi soorannaaf godhamu tokkuma. Boorannis waaqni booruu gannaa nagaan isin baase fuula ifaadhan wal nu agarsiise, dhoqqee bacacii gannaa nagaan isin baase, bubbee hamaa, kakawwee gannaafi qilleensa hamaa jalaa: isinis, loon keessanis fayyaa taasise haa galatoomu jedhee eebbisee deeme jedhama.

Akka Obbo Gammachuu waaqjiraa (17/2/2011) ibsetti Boorantichi kennaa birraa kabajamu kun waqtiin gannaa balaqqeefi galaana baatee adeemu darbee simannaa birraa waan gaarii, abaaboo, hawwii haaran kan itti eegalamu birraa simachuuf ayyaana kabajamudha. Ayyaanni Borantichaa kennaa Birraa kun waqtiin gannaa xumuramee ji'a Onkololeessaa keessa irra caalatti walakkaa ji'aa irraa kaasee kan ayyaaneffatamuudha. Sababiin isaatis akka maanguddoon kun dabalanii ibsanitti; margi lalisee marge kun loon quubsee akka gabbisu, midhaan lalisee jiru daraaree bilchaatee akka nama sooru, qilleensi hamaan akka hin uumamne, dubbii fafoon akka hin dhalanneefi waaqa booruu gannaa, kaakawweefi dukkana gannaa keessaa isaan hulluuqsise galateeffachuuf kan ayyaaneffatamuudha.



**Fakkii 5:** Booranticha kennaa Birraa irratti Hoolaa qalamu

### 4.5.2. Booranticha Kennaa Arfaasaa

Akka Obboo shawaalul Sanyii(17/9/2011) ibsetti ayyaanni Boorantichaa waqtii Arfaasaa keessa kabajamu kun waqtiin Bonaa aduu, bubbeefi hongeen guutame darbee simannaa waqtii Gannaa Bokkaa baate dhufu, waan hunda magarsu, galaana qabatee dhufu waqtii hawwii haaran itti argamu kabajuuf ayyaaneffatamuudha. Ayyaanni Boorantichaa waqtii Arfaasaa kabajamu kun yeroo baatin caamsaa seenuu eegalee hanga dhuma baatii caamsatti kan kabajamuudha. Ayyaanni Boorantichaa kennaa Arfaasaa kun irra caalatti walakkaa ji’a Caamsaa irraa kaasee hanga dhuma ji’a caamsatti maatin booruu gannaa jalaa nu baasi, sanyii miila kumaan nuuf magarsi, loon keenya fayyaa godhi, deessuu keenya nuuf oofkalchi jedhanii kan waaqa kadhachuun ayyaaneffatamuudha.

Akka maanguddoo aanaa Kuyyuu kan ta’e Obbo Boggalaa Daadhii (17/09/11) ibsetti, Boorantichi kennaa Arfaasaa ayyaana rooba gannaa simachuuf ayyaaneffatamuudha. Ganni gurraacha’ee dhufu hoolaa gurraachan simatama. Oromoon ayyaan Boorantichaa waqtii Arfaasaa kabajamu akka waaqni waan gaarii kennuuf, akkasumas dhoqqee gannaa jalaa nagaan nu baasi jedhanii waaqa isaanii kadhatu. Akka ibsa yaada hayyuu kanaatti Oromoon ji’a Caamsaa keessa kabaja waaqaa taasifamu irratti rooba gannaa simachuuf hoolaa magaala gurraacha mallattoo bifa adii adda yookan eegee isa irraa yookanis iddoo ta’e tokkorraa bifa adii qabu filatee qalee ayyaana Boorantichaa kan ayyaaneffatu ta’uu mul’isa. Kana malees ayyaana Boorantichaa kennaa Arfaasaa keessatti bubbee hamaa, balaqqeefi rooba hamaa akka waaqni isaan irraa ittisuuf waaqa isaanii kadhatu.

Akkan Obbo Galaanoo Waaqjiraa (17/9/2011) ibsutti dhuma waqtii Arfaasaa ji’i Caamsaa waan as deemaa jiruuf lagni ni guuta waan waan ta’eef deddeemun hin mijatu. Baatii caamsaa jalqaba irraa eegalee Booranni ilmaan isaa daawwachuu deema ture. Gaaafa Booranni ilmaan isaa bira dhaqu, ilmaan isaa baay’ee gammadu; jaalalaan isa simatu ture. Yeroo sanatti tifkatee bulaa (horsiisee bulaa) mana dhaabbataa hin qaban ture. Nyaanni isaanis yeroo sana foonifi aannan ture. Yeroo abbaan isaanii dhufe kana muka guddaa gaaddisa qabu barbaadanii loon isaanii gaaddisa jalatti walitti qaban. Kabaja ayyaana abbaa isaanif guyyaa kana eebbifatanii waliin nyaatanii dhuguun waliin bashannanan. Guyyaa sana gara biroos hin deeman; achuma bulaanii bariituu sana ulma’aa ba’aanii waan bule sana waliin nyaatanii dhuganii gargar bahu. Warreen

waamicha dhufanis waaqni dhukkee bonaa nagaaan isi baase, ulaa bubbee rooban isiniif haa cufu, birraa fuula ifaadhan rabbin waliti nu haa deebisu jedhanii eebbisanii gargar bahu.

Akka maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta’e Obbo Katamaa Damissee (17/09/2011) ibsanitti kaayyon kabaja Booranticha kennaa Arfaasaa loon daa’imman, ollaanifi biyyi akka nagaa ta’uufi akkasumas, waaqni roobee akka faca’ee midhaan margee nama sooruf, dhaltiin dheeddee jabbiin akka mucha sa’aa hodhuuf, margi gaarin margee loon dheedanii akka mar’ataniif kadhannaa waaqaf taasifamuun ayyaana Boorantichaa kennaa Arfaasaa irratti ni mul’ata.

Dabalataan akka maanguddoon aanaa kanaa Obbo Addunnaa Adinoo (17/9/2011) ibsanitti yeroon Boorantichi kennaa Arfaasaa itti kabajamu ji’a Caamsaa yoo ta’u; innis guyyaan itti ayyaaneffatamu guyyaa sambataa yookan wiixataatu filatama. Guyyaan wiixataafi sanbataa kan filatameef Booranni ilmaan isaa ilaaluf kan deemee ijoollee isa bira gahe guyyaa kana waan ta’eefi jedhu odeeffannoo kannaan kuni. Sababiin jiini kuni itti filatameef lafti gogiinsa qabaachun dheebun waan hammaatufi aduufi bubbeen isaa illee waan ulfaatuf kadhannaa waqaf taasifamuudha. Sirni Booranticha kennaa Arfaasaa sirna uummata Oromoo biratti iddoo guddaa kan qabuufi yeroo isaa eegee kan adeemsifamuudha.

Akkasums loon ammoo alatti waan galaniif waaqni loon isaanii waliin akka isaan tiksuuf hoolaa magaala yookan gurraaacha qaama isaa iddoo ta’e tokko irraa adii qabu qaluun kadhaa waaqaf taasifamuudha. Akka maanguddoon kun dabalanii ibsanitti; sirna kana irratti ollaafi maatin hundi waliin ta’anii waan nyaatamuufi dhugamu mara waliin soorachaa waliin waaqa galateeffachaa waliin gammadu. Kunisodoo addaan hin citin dhalootaa dhalootatti darbuun aadaa waaqeffannaa uummatichaa ta’uun uummaticha ibsa.



**Fakkii 6:** Booranticha kennaa Arfaasaa irratti Hoolaa qalamu

### 4.6. Hirmaattota Ayyaana Boorantichaa

Hirmaattonni sirna ayyaaana Boorantichaa akka maanguddoo aanaa kuyyuu kan ta'an Obbo Gonfaa Turaa (17/02/11) ibsanitti "guyyaa ayyaana Boorantichaa abbaan manaa wantoota qa'ee keessatti guuttamuu qaban guuta. Haati warraafi ijoollen dubaraa ammoo dhangaalee garaa garaafi wantoota ayyaana sanarratti dhiyaatan qopheessu. Ijoollen dhiiraa ammoo dallaa adda addaa suuphudhaanifi ollaa isaaniifi firoottan akka ayyaana kana irratti argaman dubbisuudhan mooraa keessatti wantoota hin mijatin mijeessu."

Walumaa galatti hirmaattonni ayyaana kanaa adda dureedhan abbaa manaafi haati manaa kan hirmaataniidha. Dhiirri hin fuunefi durbi hin heerumne ayyaana Boorantichaatif hin laatan. Garuu sirna sana irratti hirmaachuu ni danda'u. Kanaafuu hirmaattonni sina kana irratti argamuu danda'an dargaggeessa, shamarran, jaartii, jaarsa, ijoolleefi daa'imman illee hirmaachuu danda'u.

### 4.7. Dhiibbawwaniifi Qamoolee Guddina Sirna Ayyaana Boorantichaa Duubatti Harkisan

Sirni ayyaana Boorantichaa hordoftoota sirnichaa qofaaf osoo hin taane hawaasa naannoofi biyya hundaafillee faayidaa guddaa qaba. Sababni isaas kaayyoofi barbachisummaan sirnichaafi hordoftoonni isaa hariiroo gaarin akka isaan gidduu jiraatuf walii isaanitiif ta’ee uumama waaqaa hundaaf safuu qabaachuu, kabajuu, nageenya kennuufi kan rakkate gargaaruu, hammeenya irraa fagaaachuu, hojii gaarittti cimuu, tasgabbiifi ilalcha gaarii kan tokkumaaf ta’u kan barsiisufi gonfachiisudha.

Haa ta’u malee maanguddoon aanaa kuyyuu Obbo Shawaalul Sanyii (17/02/2011) akka ibsanitti dhiibbaa sirna kana irra tureefi ammas jiru haala kanaan ibsaniiru. Sirnoota mootummoota darbanii keessa ummata Oromootifis ta’ee aadaa isaatif ilaalchi gaarin hin turre. Afaanifi amantan tokko qofti akka babal’atu taasifamaatii tureera. Amantaan waaqeffattootaas akka duubatti hafummaatti ilaalamaatii hordoftoonni isaas haamilee dhabamsiifamaa tureera. Sababa kanaanis sirni ayyaana Boorantichaa duubatti harkifatee tureera. Namoonni hedduunus amantaa kiristaanaafi islaamatti seenun ilaalchi isaan ayyaana boorantichaatif qaban xiqqaachaa dhufeera. Keessattuu dargaggoonnifi ijoollen ayyaana Boorantichaa akka waan seexana amanuutti waan fudhataniif maatii ofii gara amantaa isaanii galchisiisutti harkisaa jiru. Kuni ammoo dhiibbaa sabootafi amantaalee birootin sirna Boorantichaa irratti mul’achaa jiruudha.

Namoonni (Oromoonni) hadduunis miilan amantaa biroo keessa taa’anii haamilee dadhabaadhan sirna Boorantichaa irratti kanneen hirmatan hedduun ni mul’atu jadhaniiru. Kun ammoo ilaalcha hawaasichi sirna kabajamaa kanarratti qabu dadhabsiisuu bira darbee akka waan gochichi bu’aa tokkollee hin qabneetti akka fudhatamuufi dhaloonni haarofti yookin labanni itti aanu aadafi amantaa biroo qabatee akka guddatu waan taasisuuf akka hawaasichi seenaafi aadaa isaa dhiisee kan hawaasa biroo fudhatee guddatu taasisaa akka jiru yaada isaanii kana irraa hubachuun ni dan da’ama.

### 4.8. Sadarkaa Sirni Kabaja Ayyaana Boorantichaa Yeroo Ammaa Irra Jiru

Uummanni Oromoo akka amantii waaqeffannaatti, ayyaana waaqeffannaa beekanii, itti amananii ayyaaneffachuudhan dhugoomu. Waaqeffannaan akka amantiittis ayyaana ayyaaneffataman hedduu qaba: Irreecha, Ateetee, Buttaa Qaalluufi kkf dha. Waaqeffattoonnis ayyaanota kanneen beekanii guyyaa ayyaanaa kanaa boqochuudhan kabajatan; ayyaana waggaa kanas

ayyaaneffachuun of haaromsan; ofis humneessan. Amantiin waaqeffannaas duudhaa akkanaan qajeelfamee jireenya dhala namaafi uumamaa gaaromsa.

Haa ta'u malee, maanguddoo aanaa Kuyyuu kan ta'an Obbo Shawaalul Sanyii (16/02/2011) irraa odeeffannoon argame akka ibsutti yeroo ammaa kana ayyaanni fi kabajni isaa xiqaachaa dhufeera. Boorantichaa kan dur irra turerraa karaalee hedduun jijjiiramee jira. Isaanis, ilaalcha namootaa yookiin dhiibbaa gama amantii biroon irra gahuudha. Kunis; dhangaalen qophaa'an, safuu ayyanichaaf godhamu, adeemsa itti kennamuufi kkf. Akka dagataman taasiseera.

Akka yaada kanarraa hubannutti; adeemsi ayyaana Boorantichaa itti kennataniifi dhangaalen garaagaraa, uffanni aadaa fa'i haala durii irraa jijjiirameera. Sababni isaa ammoo, ayyaana kana warri karaa qajeeelchanis ta'ee, warri kennatan amantii biroon waan liqinfamaa dhufaniif qixa sirriin hojiirra oolchaa hin jiran.

Dhumarratti, sirna kabaja ayyaana Boorantichaa irratti dhiibbaa gama amantii alagaatin dhufan ilaalchisee, kabajni ayyaana Boorantichaa akka waan seexana galateeffatanitti ilaaluun uummata yaada dogongoraa qabsiisan. Ayyaana Boorantichatif kennuun seexanaaf wareeguudha yaada jedhu waan kaasaniif meeshaalee ulfoofi kabajni ayaanichaa dagatamaa dhufeera.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun haala waliigala qorannichaa kan ilaaluudha. Bu'uuruma kanaanis, qabxiilee gurguddaa sadi hammatee jira. Isaanis cuunfaa, argannoofi yaboo, yoo ta"an akka itti aanutti tartiibaan dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Sabni kamiyyuu haala jiruufi jireenya isaa keessatti haala ittiin dhugeeffatu qaba. Akka amantii waaqeffannaatti wanti dhugeeffatamu uumaafi safuun waaqaa akka hin cabne eeguudha. Adeemsa kana keessatti uummanni Oromoo ayyaana mataasaa kan kabajatu, eenyummaa isaa kan ibsu qaba. Ayyaanota uummanni Oromoo kabaju keessaa ayyaanni Boorantichaa isa tokkoodha.

Kaayyoon qorannoo kanaa adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa godina shawaa kaabaa aanaa kuyyuu qaaccesssuudha. Ka'umsi qorannoo kanaa duudhan aayyaaneffannaa Boorantichaa yeroo ammaa kana sababoota dhiibbaa amantiilee garaagaraafi dhiibbaa moototа habashaatin duubatti harkifachaa akka tureefi dhaloonni dhufu duudhaa ganamaa isaa kana dagaagseefi kunuunsee dhaloota dhufutti akka dabarsuuf bu'uura kan kaa'edha. Malli qorannoo kana gaggeessuuf itti dhimma bahame mala qorannoo akkaamtaati. Meeshaaleen funansaa odeeffannoof itti fayyadame daawwannafi afgaaffidha. Ragaaleen karaa af-gaaffiifi daawwannaa argame xiinxalamee dhiyaateera. Xiinxallii kanaanis adeemsi sirna kabaja ayyaana Boorantichaa maal akka fakkaatu, eshaalee barbaachisan, hirmaattotni sirna ayyaana Boorantichaa eenyufaa akka ta'an, waqtii ayyaanni Boorantichaa itti kabajamu, wantoota kabana ayyana Boorantichaa akka duubatti harkifatu taasisan, gahee ayyaannichaa, dabalataanis, sadarkaan sirni ayyaana Boorantichaa yeroo ammaa irra jiruufi barbaachisummaa sirni kabajni ayyaana Boorantichaa qabu qaaccessameera. Xiinxalliifi hiikni odeeffannoon argame qaacceffamee yaada goolabaarra ga'uun danda'ameera. Haala kanaan xiinxalliifi hiikni odeeffannoon mul'ise bu'uurreeffachuun argannoowwan armaan gadii bira ga'ameera.

### 5.2 Argannoo

Qorannoo kanarraa qoratichi argannoowwan armaan gadii argateera.

- Boorantichi ayyaana hangafaa akka ta'eefi duudhaa uummanni Oromoo dur irraa kaasee amma ammaatti kabajee dhalootaatti dabarsaa dhufe yoo ta'es sababoota adda addaatin bifa barreffamaatin bal'inaan qophaa'ee kan hin jiraanne ta'uu isaa.
- Sirni ayyaana Boorantichaa uummata Oromoo biratti yeroo isaa eegee kabajamus safuu isaa eeganii kabajuu irratti hanqinnoonni baayeen kan jiru ta'uu isaati.
- Dhuftee Boorantichaa irratti yaanni beektotaafi kan hawaasaa walitti dhufeenya guddaa akka qabuufi aayyaanni kun guyyaa Booranni ilmaan isaa bira gahe sana kabajamuu kan eegaleedha.
- Booranni dur lafa babal'ifachuudhaf gara kormi isaa baroodetti baqatee achuumanis kormi isaa gara shawaa ilaalee waan bookkiseef innis gara shawaatti baqachuudhan loon isaa tikfachaa loon sanaaf mooraa ijaaree mooraa sana keessatti ayyaaneffachaa waan tureef amma naannoo salaaletti bal'inaan yaadannoo hangafa isaanii kana amma sirna Boorantichaatin yaadachaa jiru.
- Booranni Baatii onkololeessaaafi caamsaa keessa ilmaan isaa bira waan gaheef baatin onkololeessaafi baatin caamsaa kun ammoo hongeefi buubbeen waan itti hammaatuf waaqa isaa kadhachuun kan darbe ammoo galateeffachuuf waggaatti yeroo lama kan ayyaaneffatamuudha.
- Yeroon raawwii sirna ayyaana Boorantichaa guyyaa Booranni ilmaan isaa bira kan gahe gahe galgala yeroo aduun lixuuf deemtu waanta'eef guyyoota abbaan isaanii bira gahe wiixataafi dilbata keessaa uummanni Oromoo guyyaa barsiise kana mana mana isaatti kan ayyaaneffatuudha.
- Ayyaana Boorantichaatif kennuu abbaa manaafi haadha manaa qofa ta'ee warra dhiiraa keessaa kan fuudhe yookan gulantaa darbeefi dubartoonni ammoo kan heerumanyookan kan gulantaa darban ta'uu qaba. Ayyaana Boorantichaa kana irratti ijoollen adda dureen ni hirmaatti osoo hin taane sirna sana irratti akka qaama lammaffaati yookan ammoo hojiifi affeerraa nyaafi dhugaatii irraati qofa hirmaatu.Ayyaana Boorantichaa namuu mana mana isaatti kabaja.

- Ayyaanni Boorantichaa yaadannoo hangafaafi maatin, qabeenyifi hormaanni hundi bakka jiranitti fayyaa ta’anii biyyi nagaa ta’ee qabeenyi hundi bakka jirutti dagaageefi latee akka itti fufuuf ayyaaneffatama.
- Ayyaana Boorantichaa irratti dhangaalen aadaa gosa adda addaa ni dhiyaachudhaan hanga ayyaana kanaaf laatamee raawwatutti namni kamiiyyuu dhandhamuu akka hin dandeenyefi yoo dhandhaman ammoo nama miidhuu akka danda’uufi yeroo ayyaana kanaaf kennamee raawwate ammoo dhangaalee kana gamtaan itti hirmaatanii nyaatanii dhugu.
- Ayyaanni Boorantichaa adeemsa mataa isaa qabu ta’ee jalqaba maaltu akka raawwatu, itti aansee maaltu akka ta’uufi dhumarratti maaltu akka raawwatuufi taartiiba adeemsa mataa isaa kan qabuudha.
- Ayyaana Boorantichaa irratti hoolan qalamu waqtii arfaasaa yoo ta’e hoolaa gurraacha aaddaa booqaa yookan ammoo qaama isaa iddoo ta’e irraa adii kan qabu ta’uu qaba. Sababni isaatis ganni rooba fi cabbie qatee dhufu hoolaa gurraachan simatama.Waqtii birraa yoo ta’e ammoo hoolaa daalachatu qalama. Kunis birraan abaaboo fi omisha adda addaa qabatee dhufuufi barri haaran hoolaa daalachaan simatama.
- Uffanni aadaa ayyaana boorantichaa irratti abbaa manaafi haadha manaa qofaaf kan barbaachisu ta’ee abbaan manaa gaabii yoo uffatu haati manaa ammoo guftaa uffatti.
- Ayyaanni Boorantichaa duudhaa Oromoo ganamaa waaqefattoota biratti iddoo guddaa qabuufi amantii uummata Oromooti.

### 5.3 Yaboo

Adeemsa qorannoo kana keessa sirni kabaja ayyaana Boorantichaa haala akkamiirra akka jiru ilaaluun danda’ameera. Haaluma kanaan, argannoowwan qorannichaan bira ga’aman irratti hundaa’uun haala walii gala Boorantichaairratti yaboon qoratichaan kenname kanneen itti aanani.

- Maalummaan ayyaana Boorantichaa qoratamee bifa barreeffamaandhaloota dhufuuf osoo taa’ee gaariidha.
- Qorattoonni garagaraa sirna ayyaana ayyaana Boorantichaa irratti kallattii adda addaatin irratti hojjechuun beeksisuufi guddisuun osoo danda’amee

- Ilaalchonni hordoftoonni amantaa biroo ayyaana Boorantichaa irratti qaban sirraa'ee akka duudhaa uummatichaatti fudhatamee kunuunfamee gaarii ta'a.
- Duudhaa boonsaafi kabajama ta'e kana haala itti fufiinsa qabuun tursuuf kitaabilee barnootaa keessatti haala gahaa ta'een hammatamee akka barsiifamu taasisuun barbaachisaadha.
- Biiroon aadaafi Turizimii ayyaana Boorantichaa kana beeksisuufi kunuunsurratti hojiilee gadi fageenya qabu osoo hojjechuu danda'ee gaarii ta'a.

## WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa. (2011). **Akkamtaa. Yaadrimee Qorannoo Hujoo.** Finfinnee: Oromiyaa.

__________________. (2014). **Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo.** Finfinnee: Far East Traeding PLC.

Alamaayyoo Hayilee. (2007). **Gadaa. Siyaasa Oromoo Tuulamaa:** Finfinnee.

Alamaayyoo hayilee, Nuuree, Booshii Gonfaafi Daani'eel Dheeressaa. (1998). **Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa.** Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Finfinnee.

Bascom, W. (1962). **Continuity and Change in African Cultures:** Chicago University Press.

Birhanu Mathews. (2009). **Fundamental of Literature.** Addis Ababa**:** Alpha Printers PLC.

Daniel Ayana. (1984). "Protest Missionary in Wollega: a study of the Activities of Missionaries and the Love Converters," 1898_1935", M.A. Thesis in History (A.A.U)

Dastaa Dassaalany. 2012. **Bu'uura Qorannoo**. Finfinnee: Mana maxxansaa Boolee.

_____________. (2013). **Bu'uura Qorannoo.** Finfinnee: Dhaabbata maxxansaa Far East.

Dirribii Damusee. (2012). **Ilaalcha Oromoo:** Finfinne Priting and Publishing S.C

Dorson, R.H. (1972). **Foklore and Folklife.** An Introduction University of Chicago Press.

Fayyeeraa Taaddasaa. (2011). "Qaaccessa sirna ayyaana Boorantichaa aanaaa Hidhabuu Abootee:" Baalee Roobee. Waraqaa qorannoo digirii jalqabaa (kan hin maxxanfamin).

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). **Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo.** Finfinnee: Mana Maxxansaa Subii.

Finnegan, R. (1970). **Oral Literature in Africa.** Oxford: Basil Blakwell.

Gadaa Melbaa. (1988). **Oromia** An Introduction: Khartoum.

Hayiluu Bantii. (1997).**Coraa Aadaa. Finfinnee.**Mana Maxxansa Boolee

Ibsaa Xurunaa. Caamsaa (2002). Kallacha Oromiyaa. Ful…

Imaanaa Bayyanaa. (2007). "Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Amantii Duudhaa Oromoo Naannoo Shawaa:" Finfinnee.

Iristee Akkawaaq. (2012). "Qaaccessa Sirna Lufiinsaa: Raaawwii Sirna Da'umsaa Godina Jimmaa Aanaa Mannaa:" AAU. Waraqaa Qorannoo MA (kan hinmaxxanfamne).

Iseacs, Alan. (1981). **The Macmillan Encyclopedia.** USA: Laurence Urdang Associates Ltd.

Kumar, R. (1996). **Research Methedology. A step_by_step Guide fore Beginniners**: Addition Wesley Longman Australian pty Limited.

Leellisaa Aadaa. (6413). **Kudhaama Seenaa.** Oromiyaa: Finfinnee.

Maammoo Gadaa. (2013). **Duudhaa.** Hy International: Finfinnee.

Maatii Sabaa. (2006). **Daaniyaa** Finfinnee: Oromiyaa.

Melakneh Mengistu.( 2006). **Fundamental of Literature 3rd.** Addis Ababa: AAU Press.

Misganuu Gulummaa. (2011). **Dilbii**: Finfinnee.

Muhaammad Jamaal. (2015). “Qaaccessa Raawwii Sirna Hoodaa Oromoo Arsii:” Yuunivarsitii Finfinnee.

Nagarii Leencoo. (1993). **Wiirtuu Jiil 6 .Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo.** Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Oring, Elliott. (1986). **Folk Groups and Folklore Genres. An Introduction:** Utah State University Press.

Okpewho, Isidore. (1992). **African Oral Literature. Back ground, character and continuity.** Bloomingto and Indianapolis: Indian University Press.

Rappaport, Roya. (1992). **Ritual. Foklore, Cultural Performance, and Popular entertainment** Ricard Bowman. New York: Oxford University Press.

Sims C.M and Martine, S. (1965). **Living Foklore. An Introduction to the Study of People and their Traditions.** Logan Utah: Utah State University Press.

Sims, Stephens. (2005). **Living Foklore: An Introduction to the Study of People and Their Traditional.** Longman: Utah State University Press.

Tilahun Gemta. (1989). **Oromo English Dictionary.** Addis Ababa. AAU

Toleeraa Tasammaa, Hundasaa Waaqwayyaa. (1995). **Seenaa Saba Oromoofi Sirna Gadaa:** Finfinnee.

‘Wiirtuu’ (1991). **Barrulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo** Jildi 4: Finfinnee.

Yilma Deressa, (1959 ). **Ya Itiyophiya Tarik Ba Asra Sidistagnaw Kifle Zama.** Addis Ababa Triminhhum,

ሰሎሞን ተሾመ. (2007). **ፎክሎር፤ ምንነቱን የጥናተ የትኩረት አቅጣጫ.** አዲስ አበባ: ሀትመት ፈርኢስት ትሬዲንግ ኃላ.የተ.የግ.ማ.

**DABALEEWWAAN**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Dabalee A: Gaaffiiwwan Af-gaaffiitiif Qophaa'an**

Kabajamtoota odeef kennitoota afgaaffii qorannichaa, qorannoon kun, mata duree "Qaaccessa adeemsa sirna ayyaana BoorantichaaGodina Shawaa Kaabaa aanaa Kuyyuu jedhurratti xiyyeeffata. Kaayyoon qorannoo kanaas, adeemsa sirna ayyaana Boorantichaa qaaccessuudha. Kanaafuu, sodaa tokko malee ifaafi bilisaan gaafilee gaafatamtan akka naaf deebistan kabajaan isin gaafadha. Gumaacha naaf gootaniif guddaa galatoomaa!

Maqaa__________Saala___Umurii____Ganda_____Gahee hojii__________

Qajeelfama: Afgaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafatamtnirratti hundaa'un afaaniin deebii keessan kennaa.

1. Maqaan keessan eenyu jedhama? Umriin keessanoo?

2. Waa'ee duudhaa Oromoo Aanaa kuyyuu maal beektu?

3. Boorantichi maali?

4. Boorantichi maaliif kennama?

5. Hirmaattoonni Sirna kabaja Ayyaana Boorantichaa eenyu fa'a?

6. Sirni Ayyaana Boorantichaaa yoom raawwatama?

7. Sirna Ayyaana Boorantichaa kabajuuf maaltu barbaachisa?

8. Adeemsa Sirni Ayyaana Boorantichaa itti kennamu maal fakkaata?

9. Sirni kabaja Ayyaana Boorantichaa yeroo ammaa maal fakkaata?

10. Meeshaaleen Sirna kabaja Ayyaana Boorantichaa keessatti fayyadan hiika akkamii qabu?

11.wantoonni ayyaanni Boorantichaa akka dagatamu taasisan maal fa'i?

12. Ayyaana Boorantichaa irratti qalmi nibarbaachisaa?

13 Ayyaana Boorantichaa irratti maaltu qalama?

14.Dhaangaalen ayyaana Boorantichaa irratti dhiyaatan maal fa'i

**Dabalee B: Daawwannaa**

Daawwannaa keessatti gaaffileen mirkaneeffannaa qophaa'uun odeeffannoon ittiin guuramu kan armaan gadii kuni qophaa'aniiru.

1. Adeemsa Sirni Ayyaana Boorantichaa itti kennamu maal fakkaata?

2.Sirna kabaja Ayyaana Boorantichaa keessatti qophiileen adda addaa ni taasifamuu?

3. Meeshaaleen Ulfoo Ayyaana Boorantichaa dhimma itti ni bahamuu?

4. Dhangaan Ayyaana Boorantichaaf barbaachisu qophaa'anii jiruu?

5. Eebbi Sirna kabaja Ayyaana Boorantichaa kana keessa jiraa?

6. Hirmaattonni Ayyaana Boorantichaa eenyu fa'a

7.Uffanni aadaa Ayyaana kanarratti ni barbaachisaa?

8. Keessummoonni Ayyaana Boorantichaa sanarratti argaman eebbafi sana keessatti Qooda ni fudhatuu?

9. Sirna kabaja Ayyaana Boorantichaa keessatti qophiileen adda addaa ni taasifamuu?

**Dabalee C**

**Gabatee 3. Maqaa odeef kennitootaa**

| Lakk | Maqaa | Saala | Umrii | Ganda | Ga'ee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Gammachuu Waaqjiraa | Dhi | 58 | Dirree hacoo | Qonna bulaa |
| 2 | Gonfaa Turaa | Dhi | 81 | Dirree Hacoo | Qonna bulaa |
| 3 | Daadhii Mootii | Dhi | 63 | Liiban kuraa | Qonna bulaa |
| 4 | Gizaw Ijaaraa | Dhi | 74 | Uuyyee gosee | Qonna bulaa |
| 5 | Abdataa Badhaas | Dhi | 55 | Biriitii | Qonna bulaa |
| 6 | Katamaa Waaqjiraa | Dhi | 54 | Boondee | Qonna bulaa |
| 7 | Tolaa Birraatuu | Dhi | 76 | Darroo | Qonna bulaa |
| 8 | Galaanoo Waaqjiraa | Dhi | | Willincoo | Qonna bulaa |
| 9 | Shawaalul Sanyii | Dhi | 83 | Karkarreessaa | Qonna bulaa |
| 10 | Girmaa Tulluu | Dhi | 62 | Jilaa qeerrensa | Daldalaa |
| 11 | Dhufeeraa Maammoo | Dhi | 54 | Koyyee akaale | H.mootummaa |
| 12 | Waajjiree Tikkuu | Dha | 43 | Sombo ceekaa | Qonna bulaa |
| 13 | Ayyalaa Tolaa | Dhi | 53 | Dubbana agalo | Qonna bulaa |
| 14 | Dabalaa Alamuu | Dhi | 58 | Aliluu carii | Qonna bulaa |
| 15 | Baqqaluu Abarraa | Dha | 48 | D/ agaloo | Qonna bulaa |
| 16 | Hoodataa Tolaa | Dhi | 67 | L/kuraa | Qonna bulaa |
| 17 | Dachaasaa Masqalaa | Dhi | 69 | 02 | Qonna bulaa |
| 18 | Taaddasaa Fayyee | Dhi | 66 | Darro cangii | Qonna bulaa |
| 19 | Ganzabee Tolaa | Dha | 42 | L/kuraa | Qonna bulaa |
| 20 | Addunnaa Hirphaa | Dhi | 69 | S/ceekaa | Qonna bulaa |
| 21 | Shawaayyee Dabalee | Dha | 45 | 02 | Daldalaa |
| 22 | Addunnaa Adinoo | Dhi | 57 | Jallisa luxuu | Daldalaa |
| 23 | Tolchaa Abaataa | Dhi | 44 | D/hacoo | Qonna bulaa |
| 24 | Kabbee Taaddasaa | Dhi | 47 | D/daannisaa | Qonna bulaa |
| 25 | Boggaalaa Daadhii | Dhi | 78 | J/qeerrensaa | Qonna bulaa |

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallatoon koo armaan gaditti ibsame, qorannoon kun hojii dhuunfaa koo ta’uu isaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaf hin dhiyaanne ta’uusaa akkasumas wabiilen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhee wabii keessattis kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ________________________

Mallattoo________________________

Guyyaa ____________________